# QAACCESSA WALDHABBIIFI ERGAA ASOOSAMA GINDILLAA

ABDATAA KUMARRAA XILAHUUN

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI QUUNNAMTII GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUU FI FOOKLOORII
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII
YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021
FINFINNEE

# QAACCESSA WALDHABBIIFI ERGAA ASOOSAMA GINDILLAA

ABDATAA KUMARRAA

GORSAAN: ASAFAA TAFARRAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI QUUNNAMTII GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII
YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021
FINFINNEE

# Galata

Waan hundayyuu dursee isa humnaafi jabina naaf ta'ee akkan har'aafi bakka kana ga'uuf carraa kana naaf laateef uumaa waamaraa waaqayyo aanga'aa sanaaf galanni guddaan haa ta'u. Itti aansuun akka abbaafi obboleessa angafaatti nacina dhaabachuun yerookootti seeraan fayyadamaa akkan qorannoo kana geggeessuuf kan anaan utuban Gorsaa koo Asafaa Tafarraa (phd)f galannikoo daangaa hinqabu. Akkasumas, haamilee natti horuudhaan akkan oonnadhee baradhuufi akkan nama ta'uuf kan rakkinakoo rakkoo ofiisaanii godhatanii hanga har'aatti nafaana dadhaban Haadhakoo eenyuunuu dorgomsiisuu hin dandeenye Geexee Galataafi Abbaakoo Kumarraa Xilahuuniif galatin kennuuf hammasii hin qabu. Waan hedduufi lakkofsa hin qabneen nagargaaraa kan ture Obboleessakoo Amaanu'eel Kumarraa hedduun galateeffaddha. Obbolootakoo qaamaan nabira hin jirre yaadaafi maallaqaan nagargaaraa turan Habtaamuu Kumarraafi Daani'eel Kumarraatiif galati ani kennuuf kun bakka isaan jiranitti isaaniif haata'u. Obboleettiiwwan koo osoo nannuffin deeggarsa karaa hedduun naaf gochaa turan Natsaa Kumarraafi Alamnash Kumarraa tiif galati koo akka maleedha. Akkasumas, qorannoo kana adeemsisuu keessatti kan meeshaa barreeffamaatiin nagargaaraa ture barataa seeraa kan ta'e hiriyaakoo Bokonnon baayyeen galateeffadha. Yeroon qorannoo kana gaggeessaa turetti hiriyoottan koo meeshaalee qorannoof barbaachisoo ta'aniifi yaada isaaniin nagargaaraa turan akkasumas, yeroo mudannoon gara garaa namudatan najabeessaa kan turan hiriyoottan koo Abdii, Huseen, Boonsaa, Abdulmannaan, Abdiisaafi kanneen biroo nadeeggaraa turan hunda kanan maqaa isaanii asirratbarreesseefi hin barreesin galateeffachuu yoon barbaadu jechoonni kunniin galata isaanii naaf ibsuu hin danda'ani.

# Axareera

Qorannoon kun kaninni gaggeeffame qaaccessa waldhabbiifi ergaa asoosama dheeraa "Gindillaa" irratti. Kaayyoon qorannoo kanaa gosoota waldhabbii asoosama "Gindillaa" keessatti argaman isaan kam, kam akka ta'an mul'isuudha. Akkasumas, asoosamichi waldhabbiitti fayyadamee ergaa maalii dabarsuu akka barbaade agarsiisuudha. Dabalataanis, ammoo ergaawwan xixiqqoofi gurguddoo asoosamicha keessaa baasee agarsiisuudha. Qorannoo kana galmaan ga'uuf malawwan qorannoo jiran keessaa, kan qorataan kun fayyadame, qorannoo bu'uuraati. Haala dhiyeenyaa isaatiin immoo qorannoo ibsituu jalatti kan ramadamuudha. Maddi ragaalee isaa immoo kitaabilee waa'ee ogbarruu kaasan toora tooraan ilaalanii katabuudha. Inni lammataa immoo kitaaba asoosamaa "Gindillaa" akka madda ragaa jalqabaatti. meeshaaleen funaansa ragaalee qorataan kun itti fayyadame, sanadoota addaa addaa sakatta'uudhaani. Akkasumas, immoo tooftaan xiinxala ragaalee qorannoo kanaa yaad-rimee yookiin akkamtaadha. Argannoon qorannoo kanaa immoo barreessaan asoosamichaa waldhabbiitti fayyadamuun ergaa inni dabarsuu barbaade hubatameera. Waldhabbiin asoosama "Gindillaa" keessatti argamu asoosamichi sirriitti cimee gara fuula duraatti akka deemu qorannoo Kanaan bira ga'ameera. Asoosamichi ergaawwan xixiqqoo fi gurguddoo inni of keessaa qabu maal akka ta'e bira ga'amee jira.

# Baafata

Qabiyyee                                                Fuula

Galata ........ i

Axareera ........ ii

Baafata ........ iii

BOQONNAA TOKKO :SEENSA ........ 1

1.1 Ariirrata Qorannichaa ........ 1

1.2. Ka’umsa Qorannichaa ........ 4

1.3.Kaayyoowwan   Qorannichaa ........ 4

1.3 .1. Kaayyoo Gooroo ........ 4

1.3.2. Kaayyoowwan Gooree ........ 5

1.4. Faayidaa Qorannichaa ........ 5

1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 5

1.6 Hanqinoota Qorannichaa ........ 8

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ........ 9

2.1 Sakatta’a Barruu Yaadrimee ........ 9

2.1.1 Maalummaa Ogumaa ........ 9

2.1.2 Gosoota Ogumaa ........ 11

2.1.3  Faayidaalee Ogumaa ........ 11

2.1.4 Ogbarruu ........ 12

2.1.5 Maalummaa Asoosamaa ........ 12

2.1.6 Gosoota Asoosamaa ........ 13

2.1.6.1 Asoosama Dheeraa/Novel ........ 13

2.1.6.2. Asoosama Kurfaa (Novella) ........ 14

2.1.6.3 Asoosama Gumaataa(Novelette) ........ 15

2.6.4 Asoosama Gabaabaa(Short story) ........ 16

2.1.7 Faayidaa Asoosamaa ........ 16
2.1.8 Maalummaa Waldhabbii ........ 17
2.1.9 Gosoota Waldhabbii ........ 17
2.1.9.1 Waldhabbii Keessaa ........ 17
2.1.9.2 Waldhabbii Alaa ........ 17
2.1.9.2.1 Gosoota Waldhabbii Alaa ........ 18
2.1.10 Sadarkaalee Waldhabbii ........ 19
2.10.1 Maalummaa Ergaa ........ 20
2.1.11 Sakatta'a Barruu Walfakkii ........ 21
BOQONNAA SADII ........ 23
3.1 Malawwan Qorannichaa ........ 23
3.2 Madda Ragaalee ........ 23
3.2.1 Meeshaalee Funaansa Ragaalee ........ 23
3.2.2. Mala Iddatteessuu ........ 23
3.2.3. Mala Xiinxala Ragaalee ........ 23
BOQONNAA AFUR ........ 24
4.1 Ibsa kitaabichaa ........ 24
4.2 Qaaccessa Waldhabbiifi Ergaa Asoosama Dheeraa "Gindillaa" ........ 24
4.3 Gosoota Waldhabbii Asoosamichaa ........ 25
4.3.1 Waldhabbiiwwan Gurguddoo Asoosamichaa ........ 25
4.3.1.1 Waldhabbii Qooddataan Mataa Isaa Waliin Godhu ........ 26
4.3.1.2 Waldhabbii Namaafi Nama Gidduu ........ 28
4.3.1.3 Waldhabbii Namaafi Uumama Gidduu ........ 30
4.3.1.4 Waldhabbii Namaafi Uumaa Gidduu ........ 31
4.3.1.5 Waldhabbiiwwan Xixiqqoo Asoosama Gindillaa ........ 32
4.3.1.6 Waldhabbii Namaafi Teknooloojii ........ 32
4.4 Ergaawwan Asoosamicha Keessaa jiran ........ 34

4.4.1 Ergaawwan Asooosama Gindillaa Keessaa ........ 34
4.4.2 Ergaa Guddaa Asoosamichaa ........ 34
4.4.3 Ergaawwan Xixiqqoo Asoosamichaa ........ 38
BOQONNAA SHAN ........ 40
Cuunfaa, Argannoo fi Yaboo ........ 40
5.1 Cuunfaa ........ 40
5.2 Argannoo Qorannichaa ........ 40
5.3 Yaboo/ Yaada Furmaataa ........ 41
Wabiilee ........ 42
Dabalee

# BOQONNAA TOKKO :SEENSA

## 1.1 Ariirrata Qorannichaa

Ogumni haala jiruufi ireenya dhala namaa, hubannoo, beekumsaafi kanneen kana fakkaatan bifa gabaabaafi ifa ta’een kan ibsuudha. Jireenya hawaasa tokkoo keessatti illee ogumni shoora ol’aanaa taphata. Akka (Asafaa,2009:20) irratti ibsetti

> *Ogumni umurii dheeraa qaba. Ilmoon namaa barreeffamaan osoo of ibsuu hin jalqabin dura ogafaan (oral literature) yookiin afoolaan (folklore) yookiin fakkiifi bocaan yaada ofiisaa ibsachaa ture. Ogumi (wisdom) waa'ee jiruu-jireenyaa (finna) dhala namaa ta'ee, namootaan qindeeffamee namootaaf dhiyaata. kun immoo namoonni hojjaafi qo'annoo addaa addaa irra hiriiran akka hubannoo ofiisaaniitti hiikkaa addaa addaa ogumaaf akka kennan taasisee jira.*

Yaada waraabbii armaan olii kanarraa wanti nuti hubannu umuriin ogumaa akkuma afaanii umurii dheeraa kan qabu ta'uu isaadha. Inni kan biraan dhalli namaa utuu gara barreeffamaatti hin dhufin dura iyyuu yaada isaa afaanumaan yookiin oguma afaanii (ogafaanii) tiin yaada garaa isaa, eenyummaa isaa, jagnummaa; gootummaa isaa, ibsachaa akka ture kan ibsuudha.

Akka (Geetaachoo,2016:133) irratti ibsetti ″ogbarruun hojii kalaqaa ta’ee, gammachuufi hawwii bifa midhaagaatiin hojii ilma namaa walitti qindeessee kan mul’isuudha″. yaada armaan olii kanarraa kan nuti hubannu ogbarruun wanta sammuu ilmoo namaa keessatti uumamee namatti toluufi yaada garaa isaa bifa hawwattummaa qabuun yookiin nama ofitti harkisuu danda’uun hojii namaan kalaqamee walitti qindaa’u ta’uu isaa kan nu hubachiisuudha.

Akka (Berhanu,2013:133) ibsetti ″hiikni ogbarruu hojii aartii afaanii fayyadamuun suuraa addunyaa dhugaa sammuu keessatti uumuun kan ibsuudha’’. Yaada kanarraa wanti hubannu ogbarruun hojii agarsiisa gochaan yookiin afaanitti fayyadamee fakkii sammuu namaa keessatti gocha dhugaa kan mul’isu ta’uu isaa kan irraa hubannuudha.

Walumaagalatti ogbarruun jiruufi jireenya hawaasa tokkoo dhalootaa dhalootatti bifa namatti toluufi hawwisiisuu danda’uun jechoota filatamootti fayyadamuun kan keessatti calaqqisiisamuudha. Gabaabumatti immoo yoo kan ilaallu ta’e, ogbarruun qabeenya guddaafi dorgomaa hinqabne yommuu ta'u, akka baduu hin dandeenyeef dhaloota itti aananiif galaa

galaasuuf jechoota ajaa'ibsiisoo bashannansiisaa nama barsiisan bifa barreeffamaan ka'amee galmaa'ee taa'eedha. Asoosamnis, qaama ogbarruu  keessaa isa tokko yoo ta'u, kan waa'ee jiruufi jireenya hawaasaa, diinagdee, aadaafi kan kana fakkaataniin nama quunnamuu danda'an haala miira dubbistootaa kakaasuu danda'uun jechoota mimmiidhagoofi filatamootti fayyadamuudhaan kan barreessitootaan kalaqamuudha.

Asoosamni gooroowwan gurguddoo afur kanofkeessaa qabuudha. Isaanis: asoosama dheeraa, asoosama gabaabaa, asoosama kurfaafi asoosama gumaataa jedhamuun kanneen beekamaniidha.

Gama biraatiin immoo,

> *Ogbarruun wanta barreeffamee jiru hunda osoo hin taane wanta kalaqa sammuu dabalatu qofa. Innis ulaagaa ittiin kaan irraa adda ta'u qaba. Jalqabuma irratti bifa midhaagina qabuun sammuu namaa hawwachuu akka danda'utti mijeeffamee kalaqama. Ta'us garuu, barreeffamoonni miidhaagina qaban hundi ogbarruu ta'u jechuu miti. Barruuleen dhugaa himan kanneen akka gaazexaa, kitaabilee barnootaa, barruuleefi kanneen kana fakkaatan hammam yoo miidhaaganillee ogbarruu miti. Sababni isaas immoo dhugaama jiru sana kallatiin gabaasu. Ogbarruun garuu, dhugaa addunyaa dhugaa irraa maddu ta'ullee kalaqa sammuu dabalachuu qaba. Malee, kallattiidhumaan dhugaa himuuf hin dirqamu. Ogbarruun Dhugaa sana  haqaaqee, dabsee, fashaleessee yookiin kallattii irraa maksee gabaasuu danda'a. Haala Kanaan gabaasaalee dhugaa irraa adda ta'a jechuudha.(Fedhasaa,2013)* irratti ibseera.

Akka yaada barreessaa kanaarraa hubannutti waanumti dhugaa ta'e iyyuu waraqaa irratti barreeffamaan mul'atu hundi ogbarruu jedhamuu akka hin dandeenye kan nuuf dhugoomsuudha. Akkasumas, immoo bifa bareedina qabuufi sammuu namaa ofitti harkisuu danda'uun qajeelfamee kan kalaqamuudha. Kana jechuun barruuleewwan gara garaa wantoota dhugaafi qabatamaa himan hanga fedhe bareedina qabaatan illee ogbarruu ta'uu akka hin dandeenyeedha. Sababni isaas ogbarruun dhugaadha. Garuu immoo, dhugaa sana akkuma jirutti himuu osoo hin taane, taatee hawaasa keessaa fakkeessuufi akkeessuun jechoota miidhagina wanta sanaaf kennan itti daddabaluun Kan himu ta'uu isaa hubachiisa.

Namni akka dandeettiifi kennaa isaatiitti jireenya isaa guyyaa guyyaa keessatti hojiilee garaa garaa waan haaraa guyyaadhaa guyyaatti kalaqaa akkasumas, waan haaraa hin taanes irra

deddeebi'ee bifa midhaagina qabuun hojjetaa oola. Hojiin haala kanaan dhalootaan kalaqamee dhaloota biraaf dhihaatu immoo oguma. Yaaduma kana kan deeggaru immoo,

> *Ogumni waa'ee jiruufi jireenya finna yookiin dhala namaa ta'ee, namaan qindeeffamee namootaaf dhiyaata. Ogbarruun dabarsa aadaa uummataati. Galmee jiruufi jireenya ilma namaa kan namoota hubannoo, beekumsaafi muuxannoo sadarkaa hedduu qabaniidha. Hiika ogbarruu kana yookiin sana jedhanii kaa'uun ulfaataadha. Ogbarruun jiruufi jireenya keessatti keessa dabarruuti. Ogbarruun ibsa ambaa yaada uummataa isa ol'aanaa kana jedhanii ibsamuun addaan osoo hin citin geggeeddaaramaafi fooyya'aa lufuufi fufuu isaaniitiinis duudhaa afaan uumaa (oral) fi barreeffamaan (writen) irraa adda ta'a. Akkasumas, ogumni sun wanta qabatamaa (factual) ta'e akkuma jirutti kan gabaasu miti. Ogumni uumee waan qabatamaafi qabatamaa hin ta'in irraa ka'uudhaan yaadaan uumeefi qindeessee miidhaagsee dhiheessa jedhee (Asafaa (2009) ibseera.*

Yaada armaan olii kanarraa kan nuti hubannu ogumni mucaa namaa irraa adda ba'uu kan hin dandeenye ogbarruun jiruufi jireenya dhala namaa kan bifa barreeffamaan qindaa'ee dhaloota irraa dhalootatti darbu ta'uu isaa kan nu hubachiisuudha. (haala jireenya dhaloota tokkoo dabarsee bifa barreeffamaan dhaloota biraaf kan dhaalchisuudha).

Akkasumallee, waa'ee duudhaa, eenyummaafi aadaa saba tokkoo kan daddabarsuudha. Dabalatanis, akkaataa namni tokko dhaloota isaatii hanga guyyaa du'a isaatti wantoota guyyaa guyyaan muudannoo isatti ta'an yookiin isa quunnaman galmeessee kan kaa'uudha. Hiikni ogbarruu kana yookiin sana jennee qabxii daanga'aa ta'een kaa'uun akka baayyee ulfaataa ta'e nu hubachiisa. Akkasumas, ogbarruun fooyya'uufi daddarbuu isaatinis, aadaa, afoolaafi barreeffama irraa adda ta'uun isaa ibsamee jira.

Walumaagalatti ogbarruun wanta qabatamaafi qabatamaa hin ta'in miidhaagsee, dabsee, maqsee, fakkeessee kan himu ta'uu isaa kan nu hubachiisuudha.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Hojii kamiin iyyuu hojjechuudhaaf ka'umsi isaa jiraachuun murteessaadha. Akkuma kana Ka'umsi qorataan kun mata duree kana filateefis inni jalqabaa asoosama matadureen isaa "Gindillaa" jedhu ergan dubbisee xumureen booda waldhabbii achi keessatti argamuufii ergaa inni dabarsuu fedhe kan baroota dheeraaf uummanni oromoo rakkina hammana hin jedhamne rakkachaa tureefii hanga ammatti illee keessuma taa'ee wirriiqqachaa; wallaansoo ittiin qabaa jiru waan taheef, waldhabbiiwwan achi keessatti uumamaan kana baasee agarsiisuun ibsuufi qorannaa kana akkan gaggeessuuf mata duree kana filannoo koo akkan godhadhuuf na kakaaseera.

Sababni biraan akkan mataduree kana filadhu anaan nataasise asoosamni kun erga maxxanfamee waggoota ja'a (6) kan lakkoofsise yammuu ta'u, hanga ammaatti kitaaba kanarratti qorannoon mataduree kana fakkaatu gaggeefamuusaa hin argine yookiis waan jiru hin fakkaatu. Haata'u iyyuu malee, kitaabni kun garuu ergaa guddaa of keessatti baatee waan jiruuf barreessaan kun waldhabbiitti fayyadamuun ergaa maalii akka dabarse ibsuudhaaf asoosama kana akkan filadhuuf fedhii koo isa guddaa tahe.

Qorannoon kunis, erga gaggeeffamee booda gaaffilee bu'uura ta'an kanneen armaan gadiif deebii kenna.

- Gosoonni waldhabbii asoosama "Gindillaa" keessatti mul'atan isaan kam?
- Waldhabbiiwwan asoosama "Gindillaa" keessa jiran ergaa maalii dabarsu?
- Waldhabbiiwwan xixiqqoofi gurguddoon asoosama ''Gindillaa" keessa jiran isaan kam?
- Ergaawwan gurguddoofi xixiqqoon "Gindillaa" isaan kam?

### 1.3.Kaayyoowwan Qorannichaa

#### 1.3 .1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannaa kanaa waldhabbiifi ergaa asoosama Gindillaa jedhu keessatti dhiyaatan qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatuudha.

### 1.3.2. Kaayyoowwan Gooree

Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti:

Gosoonni waldhabbii asoosamicha keessaa maal akka fakkaatan baasee mul'isuuf Asoosamichi waldhabbiitti fayyadamee ergaa maalii dabarsuu akka barbaade baasee agarsiisuuf Waldhabbiiwwan gurguddoofi xixiqqoo asoosamichaa baasee agarsiisuun qaacceessuu Ergaawwan asoosamichaa gurguddoofi xixiqqoo baasee mul'isuun qaacceessuu

## 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Faayidaaleen qorannoo kanneen armaan gadiiti.

Qorannoon kun barreessitoonni ogbarruu hanqina isaanii irraa hubatanii gara fuulduraatti ogbarruu caalaatti qulqullinaafi miidhaagina qabu akka kalaqaniif isaan gargaaruu danda'a.

Barsiisota ogbarruu barsiisaniif muuxannoo isaanii gabbifatanii jabaatanii akka barsiisaniif isaan gargaaruu danda'a. midhaagina waldhabbii asoosamichaa agarsiisuuf gargaaruu danda'a.

Ergaawwan xixiqqoofi gurguddoo asoosamicha keessaa salphumatti akka hubataniif gargaaruu danda'a.

Namoota asoosama kana dubbisanii hin beekneef ergaa achi keessaa arganiii osoo hin beekin akka isaan qorannaa kanarraa ergaa isaa hubatanii asoosamicha dubbisaniif isaan gargaaruu danda'a.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Ogumni hojii uumee kalaqa sammuu ilmoo namaa keessatti kalaqamuudha. Jiruufi jireenya dhala namaa keessattis gaheen inni taphatu olaanaadha. Ogumni gooroowwan gurguddaa lama kan of keessaa qabu yoo ta'u, isaanis: oguma afaanii yookiin ogafaan fi oguma barreeffamaa yookiin ogbarruudha.

Ogafaanni afoola afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbu yammuu ta'u, ogbarruun barreeffamaa(written) immoo waraqaa irratti bifa miidhaagaa ta'een barreeffamee dubbistootaaf kan dhiyaatuudha. Ogbarruun yookiin ogumni barreeffamaa iddoowwan gurguddoo sadiitti

qoodamuun kan beekamaniidha. Isaanis: Diraamaa, Walaloofi Asoosama. Qorannoon kunis, ogumawwan barreeffamaa tahan keessaa asoosama qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatuudha.

Asoosamni argaa yaadaa barreessaan kalaqamee suuraa jireenya dhala namaa kaasuun kan mul'isuudha. Mudannoo namni tokko haala jiruufi jireenyaa keessaatti keessa darbu mul'isuudhaan sammuu barrreessaa keessaatti haala miidhaagina qabuun kalaqamee waraqaa irratti kan mul'atuufi guutummaa haala jiruufi jireenya hawaasaa kan calaqqisiisuudha.

Dubbistoonnis haalotuma kana fakkaatanirraa kahuudhaan muudannoo isaanii guyyaa guyyaan kan yaadataniidha. Asoosamni jiruufi jireenyi dhala namaa kan keessatti ibsamuufi calaqqisiifamuudha.

Asoosamni goorowwan gurguddoo afur kan of keessaa qabuudha. Isaanis: asoosama dheeraa, asoosama gabaabaa, asoosama kurfaafi asoosama gumaataa jedhamuun beekamu. Asoosamni dheeraan dheerina kan qabu, taatee bakkaafi yeroo dheeraa fudhatu kan seenessuudha. Akkasumas, jaargocha xaxamaafi bal'aa qaba. Dubbisanii xumuruufillee yeroo dheeraa kan fudhatuudha. Ergaa danuu qabaachuu danda'a.

Https;//en.wikipedia.org/wik/novell(march,6/2019)

Novellaa/asoosamni kurfaan jechoota 17,000 hanga 40,000 kan qabu ta'ee, jalqaba jaarraa 18ffaafi 19ffaa keessa akka argame ibsa. Asoosamni kurfaan(novella) asosama gumaataa (novelette) kan caalu ta'ee garuu hanga asoosama dheeraa kan hin geenyeedha. Akkasumas, baayyina waldiddaan asoosama gabaabaa kan caalu ta'uu isaa ibsee jira. Kana maLees, asoosamni kurfaan akka asoosama dheeraa irra deddeebiin yaalamuu akka hin dandeenye, akka asoosama dheeraa irra deddeebiin yaalamuu akka hin dandeenye sabseenaa deeggarsaaf dhufan akka hin qabne, garumsa/ija seenessaa baay'ee akka hin qabneefi akkasumas, guddina wanta tokkoo qofa irratti akka xiyyeeffatu ibseejira. \Https;//en.wikipedia.org/wik/novel (march,6guyyaan

Asoosamni gumaataa/novelette kan jedhamu ammoo akkuma ragaa armaan olii kanarraa hubannu jechoota 7500 hanga 17000 kan qabu ta'ee dheerina isaatiin asoosama gabaabaa kan caalu garuu, hanga asoosama kurfaa/novella kan hingeeye ta'uu isaatu hubatama. Https://www.authorlearning center.com/…/fiction/short-fiction-forms…(march;6/2019)

Asoosasmni gabaabaan immoo faallaa asoosama dheeraati. Yoomessa gabaabaafi udumamaa qaba, jaargochi isaa xaxamaa kan hin taane, yaanni isaa fulla'ee hin qaari'u, gocha yeroo gabaabaa keessatti raawwatame seenessa. Seenaa rarra'ee karaatti hafe fakkaata.

Walumaagalatti asoosamni dheeraafi gabaabaan kana fakkaatanii argamu. Asoosamni caacculee armaan gadii kan ofkeessaa qabuudha. Isaanis: yoomessa, sabseenaa, seenaa, fakkaattota ergaafi waldhabbii kan ofkeessaa qabuudha. Waldhabbiin caacculee asoosamaa keessaa isa tokko ta'ee seenaa asoosamaa keessatti walitti bu'iinsa namfakkiilee gidduutti kan uumamuudha. Kun immoo hayyu dureefi masaa nota gidduutti kan uumamuudha. Masaanonni immoo namoota biroo qofa jechuu miti.Yaadumti isaa yeroo isaan mormu jira. Kana malees, adeemsa uumamaafi seerri aadaa hawaasa keessatti dhalatee guddate fedhii isaa daangessuuf irratti qabsaa'uu danda'a.

Waldhabbiin asoosama keessatti seenaa gara fuulduraaf bu'aa guddaa buusa. Waldhabbiin hin jiru taanaan, seenaan asoosamaa gara fuulduraatti deemuuf humna dhaba. Kanaafuu: waldhabbiin lafee dugdaa asoosama tokkooti jechuun ni danda'ama.

Ergaan immoo caacculee asoosamaa keessaa isa tokko ta'ee dhaamsa asoosamichi dabarsu kan ibsuudha. Dhaamsi inni dabarsuu barbaade sunis ergaa jedhamuun beekama. Ergaan yaada ijoo asoosamaati. Kun immoo guutummaa ruqoolee asoosamichaa duubaanitti ruuqamee argama.

Waalumaa galatti caacculeen asoosamicha keesattI argaman, dubbiilee qolaafi walqabsiistonni achi keessatti argaman guutummaa qaama seenaa asoosamichaaf ergaa calaqqisiisuuf kan uumamaniidha. Qorataan kunis, kan inni irratti xiyyeeffatu caacculee asoosamaa keessaa ergaafi waldhabbii asoosama ‘‘Gindillaa’’ jedhu kan Beekan gulummaatiin A.L.Atti bara 2015 keessa maxxanfame ta'ee, daangaan qorannoo kanaa qaaccessa waldhabbiifi ergaa asoosama “Gindillaa” irratti.

### 1.6 Hanqinoota Qorannichaa

Hanqinooti qorannoo kanaa kanneen armaan gadiitti heeramaniidha.

- Yeroon qorannoo kanaaf laatame gabaabbachuu
- Kitaabileen Afaan Oromoo akka madda ragaatiifi wabiitti itti fayyadamu ga'aatti mana kitaabaatii argamuu dhabuu.
- Yeroon qorannoo kana gaggeessutti kitaabota gara garaa qarshii kootiin waanan bituuf hanqinni maallaqaas namudateera.
- Hanqinni biroon jiru yeroon qorannoo kana geggeessuuf barruulee gara garaa dubbisuufi ragaa funaannachuuf mana kitaabaa fayyadamutti hojjettoota mana kitaabaa keessaa Afaan Oromoo kan dubbatan dhibuu

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2.1 Sakatta’a Barruu Yaadrimee

### 2.1.1 Maalummaa Ogumaa

Jechi oguma jedhu jecha afaan ingilizii "litrature" jedhu irraa kan dhufe yoo ta'u, hiikni jecha kanaas gara afaan Oromootti yeroo hiikamu haayyonni gara garaa jechoota gara garaa fayyadamuudhaan hiika mataa isaanii itti laatu. Haata'u malee jecha tokko irratti waliif hin galan. Yaada haayyotaa kanas tokko tokkoon akka itti aanuutti haa ilaallu.

(Asafaa Tafarraa) oguma yeroo hiiku 'Oguma' ykn 'wisdom' hojii uumee yookiin kalaqa sammuu namaa (afaanuma/oral, barreeffama/written) kan ta'eefi hojii uumee kan hin ta'in irratti waan afaan oromootiinis afaan birootiinis barreeffameefi maxxanfamee 'oguma'/ 'literature' jechuudha. 'oguma oromoo' ti. / 'Oromo letarature' literature 'ogumi' akka hojii uumeetti (creative) immoo waa sadii: kuun dubbatama ykn afaanuma / 'oral' isa kanaan oguma afaanii, gabaabaatti, ogafaan / 'oral literature' jenna.

Ogumni ogummaa hawaasaa ta’ee kalaqa sammuu barreeffamaafi afaaniin dhalootaa dhalootatti darbuudha. Yaaduma kana kan deeggaru (Geetachoo, 2016 :133) irratti akka barreessetti "Ogbarruun hojii kalaqaa ta’ee, kanneen akka fedhii, gammachuu, hawwiifi kanneen kana fakkaatan miidhaagsee, walitti qindeessee kan agarsiisuudha.’’

(Biraanuu,2013:9) irratti yoo ibsu, "ogbarruun hojii artii afaanii fayyadamuun suuraa addunyaa dhugaa sammuu namaa keessatti uumuu kan ibsuudha.’’ Yaada haayyotaa kanarraa kan nuti hubannu, ogbarruun hojii uumamu ta’ee, kanneen akka hawwii, gammachuufi fedhii bareechee ilma namaatiif seenessee kan mul’isu ta’uusaati. Akkasumas, ogbarruudhaaf hiika yeroo kennan gocha afaaniitti fayyadamuun fakkii addunyaa isa sirrii sammuu namaa keessatti uumuu akka danda’u yaada kanarraa ni hubanna.

Ogbarruun gammachuus haata’u gaddi, siyaasni, aadaan, diinagdeefi kanneen kana fakkaatan kan keessatti calaqqisiifamaniidha.

Yaaduma kana kan ibsu immoo barruuleen qormaata waaltina Afaan Oromoo,(2005:179) yoo ibsu

Ogbarruun gumbii aadaa, afaan, eenyummaa, siyaasa, diinagdee hawaasa tokkooti.(hawwasni ogbarruu  hin qabne hawwasa hin jirreedha). Kanaafuu, uummanni aadaa barreessuu qabu ogbarruu barreeffamaa yoo qabaatu, uummanni aadaa barreeffamaa hin qabne immoo ogbarruu afoolaa qaba. ogbarruun aadaa, seenaa, beekumsa, amantaa, falaasama walumaa galatti ilaalcha addunyaa uummata tokkoo dhalootaa dhalootatti kan ittiin darbuudha.

Yaada armaan olii kanarraa kan nuti hubannu ogbarruun baattuu aadaa, dinagdee, siyaasa, afaan, eenyummaa saba tokkoo keessatti ibsamuu akka ta'eedha. Inni kan biraa immoo hawwaasni ogbarruu hin qabne akkuma lubbuudhaan hin jirreetti ilaalamuun gosa ogummaa keessaa isa tokko ta'ee kan haala jiruufii jireenya dhala namaa hubannoo, muuxannoo, beekumsaafi kanneen kana fakkaatan miidhagsee bifa gabaabaafi ifa ta'een kan ibsuudha. Haaluma Kanaan ogbarruun maal akka ta'e akka ibsametti ammoo yaada barreeffama kanaa irraa kan nuti hubannu ogbarruun baattuu aadaa uummataa ta'uu isaa hubanna. Dabalataanis, ogbarruun galmee jiruufi jireenya ilmoo namaa namoota dandeettiifi muuxannoo baayyee, qabaniin of keessatti galmeessise qabachuu akka danda'u nu hubachiisa. (fedhesaa ,2013:67) yoo ibsu

> *Ogbarruun waan barreeffamee jiru hunda osoo hin taane waan kalaqa sammuu dabalatu qofa. Innis ulaagaa ittiin sammuun namaa hawwachuu akka qabutti mijeeffamee kalaqa barreeffamoonni miidhagina qaban hundaa immoo ogbarruu ta'u jechuu miti. Barruuleen dhugaa himan kanneen akka gaazexaa, kitaabilee barnootaa, barruuleefi kanneen kana fakkaatan hammam miidhaganillee ogbarruu miti. Sababni isaa dhugaa jiru kallattiin gabaasu. Ogbarruun dhugaa irraa maddullee kalaqa sammuu dabalachuu qaba. Kallattumaan dhugaa himuuf hin dirqamu. Dhugaa sana haqaaqee, dabsee, faallessee yookiin kallattii irraa maqsee himuu danda'a. haala Kanaan gabaasaalee dhugaa irraa adda ta'a jechuudha.*

Barreeffama kana irraa kan nuti hubannu ogbarruun wanta barreeffamee jiru hunda osoo hin taane yookiin waraqaa irratti katabamee  jiru osoo hin taane kalaqa sammuu ta'uun kan barreeffamuudha. Akkasumas, ogbarruun dhugaa himuuf kan hin dirqamne dhugaa ka'umsa godhatee yookiin dhugaa irra dhaabbatee kaateefi taatee hawaasa keessaa sammuu keessatti kan uumamu ta'uu isaa hubachiiseera.

### 2.1.2 Gosoota Ogumaa

Ogumni iddoowwan gurguddaa lamatti akka qoodamu isaanis oguma afaanii/afoola/ dubbatama/himiinsa. akkasumas, ogbarruu/oguma barreeffamaa akka ta'e kaasneerra. Haayyonni tokko tokko immoo Ogumuma ogbarruu bakka buusuudhaan yeroo ibsan ni mul'ata. yaada haayyota gara garagaraa kana immoo akka itti aanutti kan ilaallu ta'a.

"Ogbarruun barrefamaa waraqaa irratti barraa’uun yoo dhiyaatu; ogbarruun afoolaa immoo gosa himiinsaan kan dhiyaatudha". (Fedhasaa,2017:31). Yaada kana irraa kan nuti barannu ogbarruun barreeffamaa wantoota itti yaadamanii waraqaa irra kaa’amuun dubbistootaaf kan dhiyaatu ta’uu baranna. Ogbarruun afoolaa immoo sammuu namaa keessatti yaadamee afaaniin kalaqamee afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbu ta’uu isaati. Walumaa galatti ogbarruu barreeffamaas ta’u kan afoolaa gosoota ogbarruu ta’uu isaanii hubanna.

### 2.1.3 Faayidaalee Ogumaa

Ogumni faayidaalee hammana hin jedhamne hedduu kan qabuudha. Ogumni jiruufi jireenya hawaasa tokkoo ibsuu, qajeelchuufi qeequu keessatti faayidaalee gurguddaa kan qabudha.

Akka fakkeenyaatti yoo ilaalle ogumni nama eenyumaa isaa hin beekne tokko eenyummaa isaa kan barsiisuudha. Akkasumas aadaa, seenaa, siyaasa, dinagdee barsiisuu danda’a. kanaafuu ogbarruun barsiisuu kessatti fayyaduu kan danda’udha. Akkasumas, gama siyaasaatiin yoo ilaalle seenaa darbe yaadachiisee kakaasuu keessatti ogbarruun ga’ee guddaa kan taphatuudha.

Faayidaa ogumaa gabaabsinee kaa'uun ulfaataa ta'us, ogumni akkaataa jiruufi jireenya dhaloota darbanii dhaloota itti aanuuuf bifa barreeffamaafi afaaniin kan dabarsuudha. yaaduma kana kan deeggaru Barruulee qormaata waltina afaan oromoo,(2005:180) akka ibsetti

Ogbarruun mallattoo dagaaginaati. Kana jechuun qaroomina uummata tokkoo qorachuuf dura ogbarruu isaa qoranna. Fakkeenyaaf dagaagina giriikota durii baruuf, barreeffama giriikota durii baruun barbaachisaadha. Barreeffama Soqiraaxasiifi Aristootil fa’aa akkasumas, yaadaafi falaasama dagaagina oromoo baruuf adda dureen afoola oromoo baruu nu hubachiisuuf nii fayyada. Ogbarruun meeshaa barumsaati. Ilmi namaa waan beeku hunda ilma isaa kan barsiisu ogbarruutti fayyadamuuni. Haala Kanaan waa’ee uumaa, waa’e lafaa, waa’ee namaa (garaa

laafuu, garaa jabaachuu) namuusaa fi safuu barsiisuu, nama gargaaruu, gola taa’uu, amala gaarii qabaachuu, oonnachuufi wantoota kana fakkaatan mara ogbarruun barsiisaa ture.

Waraabbii barrulee kanaa irraa kan nuti hubannu ogbarruun faayidaa hedduu kennuu isaati. Akka fakkeenyaatti ogbarruun beekumsa hawwataa tokko eessa akka inni ga’e barbaaduu yookiin qorannoo geggeessuu keessatti qooda akka inni fudhataa ture nu hubachiisa. Walumaa galatti ogbarruun faayidaa hedduu kan of keessaa qabu ta’uu isaati.

Gama babal’ina biyyoota tokko tokkoo baruuf barreeffama hayyootaa akka barruuf illee ni fayyada. Dabalataanis, meeshaa beekumsaa ta’uu isaa hubanna. Kana jechuun immoo uummanni durii eegalee beekumsa isaa dhala isaatiif dabarsuuf illee ogbarruudhaan fayyadamee akka ta’e nu hubachiisa.

### 2.1.4 Ogbarruu

Ogbarruun damee ogumaa keessaa isa tokko ta’ee, sammuu barreessaa keessatti kalaqamee namaaf kan dhiyaatuudha. Ogbarruun waraqaa irratti bifa miidhaagina qabuun; bifa ofitti nama harkisuu danda’uun kalaqamuun kan dhiyaatudha. Yaaduma kana kan deeggaru (Fedhasaa,2013:67) yoo ibsu "ogbarruun kalaqa sammuu ilma namaa barreeffamaan wanta barreefamee jiru hunda osoo hin taane wanta kalaqa sammuu dabalatu qofa". Ibsa kanarraa wanti nuti hubannu ogbarruun barreeffamaa wanta sammuu namaa keesatti uumamu hunda kan of keessatti haammatu ta’ee kan nuti hubachuu qabnu yookiin baruu qabnu garuu ogbarruun waraqaa irratti katabamee kan mul’atu hunda ta’uu akka hin dandeenye kan nu hubachiisuudha.

### 2.1.5 Maalummaa Asoosamaa

Asoosamni damee oguma barreeffamaa yookiin damee obarruu keessaa isa tokko ta’ee bifa miidhaagina qabuun qindaayee kan dhiyaatuudha. Asoosamni hojii uumee dhala namaa ta’ee kan jiruufi jireenya gocha hawaasaa fi uummataa irratti bu’uureeffamee kan barraa’uudha. Yaaduma Kanaan kan walfakkaatu (Isuma,2013:67) yoo ibsu, “asoosamni argaa yaada barreessaan uumamee suuraa jireenya dhala namaa addunyaa keessatti kan mul’isuudha. Mudannoofi mufannoo namni tokko jiruufi jireenya keessatti dabarsu mul’isuuf sammuu barreessaa keessatti kalaqamee waraqaa irratti mul’ata”. Yaada kanarraa kan hubannu asoosamni kan sammuu namaa

keessatti uumamu ta’ee, barreeffamoota jiruufi jireenya dhala namaa mul’isan keessaa isa tokko ta’uu isaati. yookiin ammoo mul'istuu saba otkkooti jechuu dandeenya.

### 2.1.6 Gosoota Asoosamaa

Haayyonni dhimma afaanii irratti yaada isaanii dhiheessan gosoonni asoosamaa hedduun jiraachuu isaa dubbatu. Addaa addummaan kunis kan mul’atu kallattii irratti xiyyeefatame irraa ka’uun yookiis akkaataa hubannaafi yaadota gara garaa dhiheessuuu haayyotaati.

Namoonni tokko tokko asoosama ergaa isaa irratti hundaa’uun kan qoodan yommuu ta’an, gareen biroo immoo baay`ina jechootaa yookiin baay`ina fuula isaarratti hundaa’uun qoodu. Kutaa kana jalattis bifa lamaaniinuu gabaabinaan kan ilaalamanidha.

Wikipedia, the free encyclopedia (March,6/2019) *Https:/en.wikipedia.org/wiki/fiction (March,6/2019) irraa fudhatame, "short story: A work of at least 2,000 words but under 7,500).*

Ergaa asoosamni hawaasa keessatti dabarsu irratti hundaa’uun toorri interneetii kun asoosamoota yoo tarreessu: Asoosama pikaaristuu gammachuufi gadda,laafinaafi jabina hawaasa tokkoo mul’isuuf bifa seenessoon qindoomina hedduu qabaatee kan barreeffamudha. Asoosamni hawaasaa immoo,hawaasa keessa jiraatan keessatti maal hojjechaa akka jiraniifi maal hojjechuu akka qabu irratti hundaa’ee kan barreeffamudha. Asoosamni xiin-sammuus akkuma maqaa isaa irraa hubannu waan sammuu namaafi yaada namaa keessa naanna’u irratti xiyyeeffata. Akkasumas, asoosama seenaa (historical fiction), Asoosama Barnootaa (educationalfiction), Asoosama Birrachiisaa (horror fiction), Asoosama Ippisoolaarii kan yeroo baay’ee jaalala irratti xiyyeeffachuun haasaa bifa xalayaatiin barreeffamuufi kan kana fakkaatan tarreessuun ni danda’ama. Gama biraatiin, asoosama baay`ina jechootaafi baay`ina fuula ittiin barreeffamerratti hundaa’uun yoo qoodan odeeffannoo interneetii weebsaayitii

#### 2.1.6.1 Asoosama Dheeraa/Novel

Waa’ee asoosama dheeraa/Novel ragaan interneetii irraa argame akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

> *The novel is one of the more common works of fiction that we encounter. A novel often involves multiple major characters, sub-plots, conflicts, points of view, and twists. Due to its considerable length, a novel is meant to be*

*read over aperiod of days. The plot moves forward through many characters, actions, thoughts, time periods, and situations. The reader often feels that the story deviates and is affected by the involvement of different sub-stories and sub-plots, by the passage of time, or by the involvement of new important characters this is considerd the real beauty of a novel. The word count of a novel is really debatable. This is because different genres have different requirements. However, anovel is usually no shorter than 40,000 words. For modern publication, editors often concider anovel one which is spread over 80,000 – 120,000 words. Rom,ans novels, however, can be shorter than that. On the ather hand, a fantasy, horror, and science fiction usually see works of greater lengths.*

The word count for fantasy novels ofen touch the 240,000 mark. some famous books, like the lord of rings series, are famous for containing so many words.

The Harry potter series has 1,084,170 words;Harry potter and the order of the phoenix it self has 257,045 words https:// www. Author learning center.com/…/fiction/ …/short fiction -forms-......Or **https://en.wikipedia.org./wiki/**Novel(March,6/2019)

Akkuma waraabbii armaan olii kanarraa hubannutti asoosamni dheeraan (novel) kan xiinxala gad fagoo gaafatuufi waan hedduu bal'inaan dabarsuufii kan jechoota kuma afurtamaa olirraa ijaaramu tahuu isaa ibsee jira. Akkasumas, asoosamni dheeraan caacculee isaan kanneen akka waldhabbii, fakkaattota, goobaangaleessa, sabseenaafi seenaa isaatiin bal'ina kan qabuufi guyyaa tokko keessatti dubbifamee kan dhumuu hin dandeenye ta'uu isaallee ibsee jira. kana malees, goobaangaleessa lamaa ol qabaachuufii qooddattoota hedduu qabaachuu akka dandahu hubanna.

### 2.1.6.2. Asoosama Kurfaa (Novella)

Asoosamni kurfaan asoosama gumaataa kan caalu tahee garuu, hanga asoosama dheeraa kan hin geenyeedha.Yaaduma kana kan deeggaru

*https://www autholearning center.com/…/fiction short-fiction-forms-/…(march,6/2019) Novellas were first introduced in the early Renaissance (1300s). But their genre did not become firmly established until the late eighth and eary nineghth century. A novella is longer than a novelette and is sometimes called a long short story or short novel. Although in the past, novellas were commonly written and published, and some to great acclaim (A clockwork Orange by Antony burgess and the Metamorphosis*

*by kafka, for example), these days it is considered to be an awkward length and it may be more difficult to get a novella published. It can involved multiple sub-plot, twists, and characters. It is length constraints mean you'll find fewer confilicts in a novella than you will in a novel,but there will also be more nuance and complication than you will find in a short story. Novellas are more often focused on one characters personal and emotional development rather than with large scale issues. In the past comma the novella was often written with satirical, moral or educational purpose in mind. Therefore, it usually depicts the tale or story of a single character, but has Imentioned it can involve multiple characters. Unlike novels, novellas are usually not divided into chapters, and like short storys, they are often meant to be readone sitting.*

Jedhee lafa ka'a ragaan toora intarneetiirraa argame.

Innis novella ykn asoosamni kurfaan jechoota 17,000 hanga 40,000 kan qabu tahee, jalqaba jaarraa 18ffaa fi 19ffaa keessa akka argame ni ibsama. Asoosamni kurfaan ykn novella asoosasma gumaataa(novellete) kan caalu tahee garuu asoosama dheeraa kan hin geenyedha. Akkasumas baayyina waldiddaa ykn waldhabbiin asoosama gabaabaa kan caalu tahuu isaa ibsamee jira. kana malees, asoosamni kurfaan akka asoosasama dheeraa boqonnaa boqonnaan qoodamuu akka hin dandeenye akka asoosama dheeraa irra deddeebiin yaalamuu akka hin dandeenye sabseenaa deeggarsaaf dhufan kan hin qabne garumsa ykn ija seenessa baayyee kan hin qabneefii akkasumas guddina wanta tokkoo qofa irratti kan xiyyeeffatu tahuu ibsee jira.

### 2.1.6.3 Asoosama Gumaataa(Novelette)

*Asoosamni kun jechoota 7500 -17,000 kan qabuudha. Akka https://www.author learning center.com/…/ficton /…/short fiction-forms-…(march,6/2019)*

*A novellete is also a narrative fictional prose. Back in day, the term "novelette" referred to a story that was romantic or sentimental in character. To be honest, in modern times, the termes, the term is rarely used, and novellettes are rarely published singly. A novellete is longer a short story, but shorter than a novella. The word count is usually between 7500 words to 17,500 words. Https://www.authorlearning center.com/…/fiction/…/short fiction forms-…(march6,2019)*

Asoosamni gumaata(novellete) kan jennu ammo akkuma ragaa armaan olii kanarraa hubannutti jechoota 7500-17,000 kan qabu tahee dheerina isaatiin asoosama gabaabaa kan caalu garuu hanga asoosama kurfaa(novella) kan hin geenye tahuu isa hubanna.

### 2.6.4 Asoosama Gabaabaa(Short story)

Asoosama gabaabaa kan ibsu maddi intarnetii irra fudhatame tokko maalummaa asoosama gabaabaa yeroo ibsu:

> *the most important difference between a short story, novellete, novella, and a novel is the word count. An average short story usually has at least 3,000 words no more than 7,500,Traditionally short stories were meant to be read in asingle sitting. they are usually published individually in magazines and then collected and published antologeis. A short story is one of the most common forms of writing. It is often used describe a single event, a single episode or a tale of one particular character. A short story does not usually involve major twists and confilicts, and involvement of various sub plots an multiple characters not common. A Short story is basically a fictional prose. Written in a narrative style. However the narrative style may either be first or third, or wichever the author choses. Http://www.author learning center. com/…/fiction/…/short-fiction-forms…(march, 6/2019)*

Garaagarummaan asoosama gabaabaafii kanneen jiddu jiru caalaa baayyina jechoota isaaniitiin akka taheefi asoosamni gabaabaan jechoota 3,500-7,500 fi isa ol akka qabu raga armaan olii kanarraa hubachuun ni danda’ama .

Akkasumas, asoosamni gabaabaan yeroo baayyee qooddattoota muraasaafi waldhabbiinis keessatti akka kan asoosama dheeraa akka hin baayyanne qooddattoonni bahanii deebihanis tahe muraasa akka tahan ibsee jira. Dabalataanis, asoosamni gabaabaan sa’aatii murtaa’e keessati dubbifamee xumuramuu akka danda’amu ibsamee jira.

### 2.1.7 Faayidaa Asoosamaa

Asoosamni faayidaalee hedduu kan qabuudha. Faayidaa asoosamaa kana jennee qabxiima muraasaan kaahuun ulfataadha. sababni isaas asoosamni rakkoofi quuqqaa keessa isa jiru haala ibsuun danda’amuun ibsuuf asoosamni kan fayyadudha.Yaaduma Kanaan kan walfakkaatu

(fedhaasaa,2017 fuula 67 )akka ibsetti, "asoosamni muudannoo fi mufannoo namni tokko jiruufi jireenya keessatti dabarsu mul'isuudha″.

Yaada waraabbii kanarraa kan hubannu gahee inni qabu guddaa akka tahe hubanna. Dabalataanis, asoosamni wanta dhalli namaa kalaquun dhalootaa hanga duhaatti keessa darbu kalaqee bifa miidhagaafii hawwataa taheen dhiyeessuun nama kan bohaarsu tahuu isaa hubanna.

### 2.1.8 Maalummaa Waldhabbii

Waldhabbiin miseensota asoosamaa keessaa tokko ta'ee akka asoosamni tokko gara fuulduraatti tarkaanfatuuf yaanni yookiin ergaa barreessaan dabarsuu barbaade akka galma ga'u godha. Isuma,(2013:108) yoo heeru ″waldhabbiin seenaa asoosamaa keessatti walitti bu'iinsa nam-fakkilee gidduutti uumamuudha". Yaada waraabbii kanaa irraa kan hubannu waldhabbiin asoosama tokko keessatti shoora guddaa akka qabu nu hubachiiseera. Gama biraatin immoo waldhabbiin tokko asoosama keessatti geggeeffamuu kan danda'u qooddattoota gidduutti akka ta'e ibseera. Qooddattoonni kun namas ta'uu danda'a, bineensas ta'uu danda'a, akkasumas, lubbu qabeeyyii mara ta'uu danda'a.

### 2.1.9 Gosoota Waldhabbii

Waldhabbiin bakka gurguddaa lamatti qoodama. Isaanis waldhabbii keessaafi waldhabbii alaa jedhamuun beekamu.

#### 2.1.9.1 Waldhabbii Keessaa

Waldhabbiin keessaa qooddataan tokko yeroo sammuu isaa waliin waldhabu kan uumamu ta'ee beekama. Kunis immoo yeroo nam fakkiin tokko kaayyoo isaa galmaan ga'achuuf qabsaa'u yaanni isaa bakka lamatti addaan cabuun yookiin ammoo qoodamuudhaan walmormii kaasuudha. Walmormiin isaa kunis, wantoota sammuu isaa dhiphisan kaayyoofi fedhii isaa irraa kan madduudha. Yeroo kana sammuu isaa keessatti waldhabbiin ni uumama jechuudha.

#### 2.1.9.2 Waldhabbii Alaa

Waldhabbiin alaa gosoota waldhabbii keessaa isa tokkoodha. Waldhabbii alaa jechuun kan ijaan argamuudhaan namfakkiileen wal dhabaniidha. Waldhabbiin alaa kun namfakkileen tokko namaafi haala naannoo isaa wajjin kan wal dhabu kan mul'atuudha. Akkasumas, waldhabbiin

uumamu sun sammuu ofii waliin osoo hin taane qooddataan yookiin wantoota biroo waliin kan geggeeffamuudha.

#### 2.1.9.2.1 Gosoota Waldhabbii Alaa

Waldhabbiin alaa bakka gurguddoo afuritti qoodamu. Isaanis, waldhabbii namaa fi nama gidduu, waldhabbii namaafi hawaasa gidduu, waldhabbii namaafi uumama gidduu, waldhabbii namaa fi teeknoloojii gidduu jedhamuun beekamu.

**Waldhabbii Namaafi Nama Gidduu**

Waldhabbin namaafi nama gidduu gosa waldhabbii alaa keessaa isa tokko ta'ee, asoosama keessatti baay'inaan kan mul'atuudha. Kunis wal mormii qooddataafi qooddataa asoosamichaa keessaa giddutti kan mul'atuudha. Akkasumas qooddataa asoosamichaa keessaa inni tokko kaayyoo isaa galmaan ga'uuf yeroo tattaafatu masaanonni isaa immoo isaa guufachiisuuf yeroo tattaafatan gidduu qooddattoota sanaatti waldhabbiitu uuamama. Kunis waldhabbii namaafi nama gidduu jedhama.

**Waldhabbii Namaafi Hawaasa Gidduu**

Gosa waldhabbii kanaa keessatti qooddataan waldhabbii kana geggeessu hawaasa tokko bakka bu'a malee akka nama tokkotti miti. Yeroo kana mormiin qooddataa fi hawaasa gidduutti uumama jechuudha. Namni tokko yookiin gareen tokko duudhaa, aadaa, amantaafi kanneen kana fakkaatan haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo balaaleffachuun yookiin fudhachuu dhiisuu isaatiin waldhabbii inni taasisu waldhabbii namaa fi hawaasa gidduu jedhama.

**Waldhabbii Namaafi Teekinooloojii**

Waldhabbiin namaafi teekinooloojii gidduutti kan uumamu yeroo tokko tokko qooddattoonni asoosamicha keessaa yeroo tekinooloojii yookin wantoota ogummaa harka namaatiin hojjetaman waliin waldhaban kan mul'atuudha. Akka fakkeenyaatti yoo ilaalle qooddataan asoosama keessaa konkolaataa wajjin yoo wal rukutee miidhamu waldhabbii namaa fi teekinolojii jedhama.

### 2.1.10 Sadarkaalee Waldhabbii

Waldhabbiin asoosama tokko keessatti sadarkaalee hedduu keessa kan darbaniidha. Kunis gochoonni adda addaa taatotaan walitti hidhaman yammuu uumamaniifi raawwataman sadarkaalee gara garaa keessa darbuu isaanii kan nutti agarsiisuudha. Sadarkaalee waldhabbii kanneen jedhamanis: olka’iinsa seenaa, finiina seenaa, ce’umsa seenaa, gadi bu’iinsa seenaafi furmaata jedhamuun beekamu.

**Ka’umsa**

Ka’umsi seenaa durduubee ijaarsa gocha asoosama Sanaa ibsa. Ka’umsa gochaa kanaa keessatti wantoota asoosama keessatti raawwatamaniif isa muraasa ta’ee dubbistootaaf odeeffannoo kenna. Akkasumas, bakka waldhabbiin qooddattoota gidduutti uumamuu jalqabu. Gochaan waldhabbiidhaaf ka’umsa ta’ee karaa saaqa.

**Finiina**

Kutaan kun asoosama keessatti yommuu taatonni yookiin qooddattoota of keessatti hammatee sadarkaa olaanaarra ga’e kan agarsiisuudha. Kana malees, taatonni adda addaa seeneffamni tokko akka guddatuufi walxaxu kan taasisuudha. Akkasumas waldhabbiin ka’e sun bakka itti gara cimuutti yookiin finiinuutti deemuudha. Waldhabbiin ittuu itti cimuun walfalmii atattamaatu taasifama. Qalbiin dubbistootaas waan qabee gadi dhiisu dhaba. Gocha gara fuulduraatti ta’u baruuf ciniinsuun eegalamu guddaadha.

**Ce’umsa**

Kutaan asoosama kanaa bakka waldhabbiin ka’e sun cimee bakka itti fakkaattii keessaa tokko bu’aa itti argatuufi fakkaattii biraan darbee deemuu hin dandeenyeedha. Bakka itti seenaan iddoo tokkoo iddoo biraatti ce’umsa agarsiisuudha. Akkasumas, humnoonni mormii tokkoo isa biroo irratti olaantummaa argatuudha.

**Gadibu’iinsa**

Taatonni haala ce’umsa seenaa waldhabbii hordofee dhufuudhaan kan mul’atuudha. Gadi bu’iinsi baayyee gabaabaadha. Sadarkaa kanatti immoo dubbii duraan ture qabbanaa’ee akka xumuramuuf yookiin gara furmaataatti deemuuf kan sigigaatuudha. Waldhabbiin kunis kutaa

kana keessatti sigigaataa kan deemuudha. Akkasumas xiyyeeffannoon isaa yaada irratti waldhabbii cimaa ture gara furmaataatti luuccessuufi yookiin waldhabbii gara furmaataatti geessuuf kan saffisuudha jechuudha.

**Furmaata**

Gochoonni jalqabaa ka'anii walxaxaa sigigaataa dhufan kutaa hunda keessa darbanii bakka kanatti hiikamu. Seenaan xumuramu karaa lamaan rawwachuu danda'a. Innis gammachiisaa yookiin gaddisiisaa ta'uu danda'a. iji gaammachuu yookiin gaddaa kunis, kan ilaalamu gama hayyu dureetiin kan ta'eedha. Dubbistoonni garuu otoo gaarummaa isaaf ta'uun seenichi xummuramee jaallatu. Walumaa galatti kutaan kun waldhabbiin jalqabaa ka'ee wal hidhaa dhufee iddoo itti furmaata argatu yookiin iddoo itti hiikamuudha.

### 2.10.1 Maalummaa Ergaa

Barreessaan dhaamsa tokko dabarsuuf asoosama kalaqa. Dhaamsi inni dabarsuu barbaadu sunis ergaa jedhama. Ergaan yaada ijoo asoosamaati. Kunis guutummaa ruqoolee asoosamichaa duubaan ruuqamee argama.

Jaargochi jireenya qooddattootaa, wal dhabbii, yoomessa, dubbiilee qolaa, fakkaattonni achi keessatti argamaniifii wal qabsiiftonni jiru. Walumaa galatti guutummaa qaama seenaa asoosamaa ergaa calaqqisiisuuf uumamu. Yaaduma Kanaan kan wal faakkaatu(fedhasaa, 2013:84-85).

> *Ruqoolee kana keessatti dhimmoota hawwaasaa haala jiruuf jireenyaa, aadaa, duudhaa, siyaasa, amantaa, barsiifata, diinagdeefii sona karaa kallaattii habalaka ta'een mul'isa. Dubbistoonni kanneen xinxaluun yaada ijoo baafatu. Asoosama haala dhaabbataa ta'een lafa kaa'uun hin danda'amu. Sababiin isaa dubbistootatu guutummaa asoosamichaa xiinxaluun bira gaha malee barreessaan ergaa asoosama isaa hin mullisu. Kanaafuu ergaan asoosama tokkoo haala hubannoo dubbistootaatiin wal qabata jechuudha. Asoosamni akkuma gosa gosa isaatti ergaa gara garaa qabu. Haala Kanaan asoosamni gabaabaan ergaaa tokko*

*qofaarraatti yommuu xiyyeeffatu inni dheeraaan immoo ergaa tokkoo ol qabaachuu danda'a.*

Yaada waraabbii kanaarraa kan nuti hubaannu dhimmoota ummataa, aadaa, amantaa, dinagdee, duudhaa, barsiifata kara ifa ta'eefi dhookataa ta,een dubbisanii hubatan ergaan ba'uu akka danda'u hubanna, inni kan biroon immoo namni asoosama dubbisu akkaa hubannoo isaatiifii akka isaaf galetti ergaa baasuu akka dandau nu hubachiisa.

Ergaawwan gurguddoo asoosamichaa jechuun asoosamni tokko qooddataan achi keessaa gahee guddaa fudhatee yeroo inni gahee isaa bahu ergaa guddaaa jedhama. Akkasumas qooddataan qooda guddaa fudhachuun jalqabaa hanga dhumaatti ergaa yeroo deeddeebisu ergaa guddaa asoosamichaa jedhanma.

Ergaawwan xixiqqoo asoosamichaa jechuun asoosamni tokko qola isaarraa egalee hanga dhumatti ergaa dabarsuu barbaade qaba. Kana yeroo jennuu haalli inni keessatti baarreeffame, filannoon jechootaa isaa, fakkii inni ofirraa qabu, sadoommiifi caaccuuleen achi keessaa ergaa xixiqqoo dabarsuu kan danda'aniidha.

### 2.1.11 Sakatta'a Barruu Walfakkii

Sakkatta'aa barruu wal fakkii irra deddeebii irraa bilisa ta'uuf kan barraa'uudha. Innis sakkatta'aa barruu wal fakkii Kanaan duraa ergaafii wal dhabbii irraatti xiyyeeffatamanii hojjataman qorannoo kana keessatti walitti dhiheenya qaban ni argamu akkasumas sakatta'a barruu wal fakkii qorannoo digirii tokkoffaa baachilarii aartii gamisaan guuttachuuf dhiyaate mata dureen isaa “xiinxala waldhabbiifii ergaa asoosama "Arraa gurbaa" jedhu kan bara 2011 irratti Aannanee Maariqoosiin geggeeffame qorannoo Kanaan kan wal fakkatuudha. Walfakkeenyi qorannaa Haannaan geggeessiteefi qorataan kun gaggeesse waldhabbiifi ergaa irratti kan hojjetame ta’uu, qorannoo digirii tokkoffaa ta’uu, muummee afaan oromootti kan geggeeffame ta’uu isaadha. Akkasumas immoo garaagarummaan isaa qorannoon kana isarraa adda kan taasisu kitaabni irratti qorannoon kun geggeeffame garaagara, Aannaneen kitaaba asoosamaa matadureen isaa ‘’Arraa gurbaa’’ irratti kan geggeessite yoo ta’u qorataan kun immoo Asoosama ‘’Gindillaa’’ irratti qorannoo isaa kan geggeesseedha. Haannaan qorannoo ishee boqonnaa afuritti kan hojjette yoo ta’u, qorataan kun immoo akka boqonnaa shaniitti kan hojjeteedha.

Garaagarummaan isaa inni kan biroon qorannoon kun itti gaggeeffaman garaagara. Haannaan bara 2011 kan geggeessite yoo ta'u, qorataan kun immoo bara 2014tti gaggeesse. Aannaneen qorannoo ishee keessaa boqonnaa lammaffaa sakatta'a barruu yaadrimeessatti Oguma addaan baastee qoqqooddee hinjirtu, yookiin ammo ogbarruun akka bakka lamatti qoodamuutti fudhattee jirti. Qorataan kun garuu ogumni gooroowwan gurguddaa lamatti akka qoodamu ibsuuf yaaleera.

Qorannoo qorataan kun gaggeesseen kan walfakkaatu qorannoon biroon immoo qorannoo Addunyaa Gabbisaatiin bara 2003 A.l.Atti mata duree xiinxala waldhabbiifi ergaa asoosama ''Imaanaa imaltuu'' jedhu irratti geggeeffame. Waraqaa digirii baachilarii aartii gamisaan guuttachuuf dhiyaate kan muummee afaan oromoofii ogbarruu faakaaltii qo'annoo afaanotaa koolleejjii hawaasummaafi huumanitiitti gaggeeffame boqonnaa afur qabatee kan dhiyaateedha. Qorannoon kun hanqina qorannoo kan jedhu hin qabu. Qorataan kun garuu hanqin qorannichaa kaa'eera.

qorannoo kanaaf qorannoo wal fakkii kan ta'eedha. Barruuwwan qorannoo wal fakkeenyaa gababaatti yoo ibsinu qorannoon geeggeessaa jiruufii qorannoo Adunyaan geggeesseen wal fakkeenyi isaa qorannoo digirii tokkoffaa ta'uu isaati. Muummee afaan oromootti geeggeeffamuu, waldhabbiifi ergaa asoosamaa irratti kan xiyyeeffate ta'uun wal fakkenya isaati.

# BOQONNAA SADII

## 3.1 Malawwan Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo irratti hundaa'uun qorannoo bu'uuraati. Kunis waa'ee ogbarruu keessaa asoosama kan bu'ureeffate ta'ee caacculee asoosamaa kanneen akka waldhabbiifi ergaa yaadota haayyotaa irra dhaabannee kan ibsinu waan ta'eef qorannoo bu'uuraati. Qorannoon kun haala dhiheenyaan ibsituu jalatti kan ilaalamuudha. Sababni isaas qorannoon kun waldhabbiifi ergaa maalii akka ofkeessatti hammatu mala ibsuutiin fayyadamee kan ibsamu waan ta'eef ibsituu ta'a. Dabalataanis, malli xiinxala ragaalee qorannoon kun ittiin gaggeeffame(akkamtaa) dha.

## 3.2 Madda Ragaalee

Maddi ragaalee qorannoon kun ittiin gaggeeffame inni jalqabaa asoosama "Gindillaa" yoo ta'u,

Inni lammaffaan immoo kitaabota waa'ee ogbarruu kaasanii katabuudhaan yayyabaniidha.

### 3.2.1 Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Meeshaa qorataan kun ittiin ragaa funaannate sanada adda addaa sakatta'uudhaan. Sabababni qorannaa kanaaf sanadii sakatta'uun filatamaa ta'eef immoo sanada adda addaa waa'ee ogbarruu kaasan irra caalaatti hubachuuf waa'ee waldhabbiifi ergaa kitaabotaa kaasan sakatta'uun filannoo guddaa qorataa kanaa waan ta'eefiidha.

### 3.2.2. Mala Iddatteessuu

Malli iddatteessuu qorannoo kana raawwachuuf qorataan kun itti fayyadame maloota iddatteessuu keessaa alcarraadha. Filannoo kanaafis sababa kan ta'u asoosama kana namoonni beekan muraasa waan ta'aniif kanaafuu carraa hin barbaachisu. Kanaaf ammoo alcarraadha. Alcarraa keessaa immoo akkayyoodha jechuudha.

### 3.2.3. Mala Xiinxala Ragaalee

Waldhabbiifi ergaa asoosama ''Gindillaa'' xiinxalli ragaalee isaaf mijatan xiinxala yaadrimee yookiin akkamtaadha. sababni inni akkamtaa ta,eef immoo hojiin qorannoo kana gaggeessuu kan lakkoofsaan wal qabatu waan hin taaneef. Kanaafuu xiinxala yaadrimee yookin akkamtaa kan ta'eedha.

# BOQONNAA AFUR

## 4.1 Ibsa kitaabichaa

Mata duree : mata dureen kitaaba kanaa Asoosama Gindillaa jedhamuudha.

Eenyuun barreeffame: Asoosamni kun kan barreeffame Beekan Gulummaa Irranaatiinidha.

Yoom: Kitaabni kun kan inni barreeffame A.L.A bara 2015 yoo ta'u A.L.I 2007 keessa.

Eessatti : Kitaabni kun kan maxxanfame Elleni p.p plc ttidha.

Fuula : Asoosamni kun fuula dhibba tokkoofi afurtama kan qabuudha.

## 4.2 Qaaccessa Waldhabbiifi Ergaa Asoosama Dheeraa "Gindillaa"

Kutaan kun iddoo ragaaleen boqonnicha keessatti argaman sirriitti dubbisuun qaacceffamuufii hiikni itti kennamuudha. Akkaataan inni itti qaacceeffameefii itti hiikames, waldhabbiitti fayyadamee barreessaan ergaa inni asoosama "Gindillaa" kana keessatti dabarsuu barbaade irratti xiyyeeffachuun kan qaacceffamuudha. Akkaatuma kanaan asoosama kana keessaattis, haalonni waldhabbiiwwaniifi ergaa kanneenii ittiin uumaman yookiin immoo haalli isaan ergaa ittiin dabarsuu barbaadan kallattiiwwan adda addaa irratti kan fuulleffateedha. Qorataan kun garuu, kan irratti xiyyeeffate haala hawaasummaafi haala addunyaa dhugaa, haala aadaafi kanneen kana fakkaatan irratti xiyyeeffachuun kan qorannoo kana adeemsisuudha.

Barreessaan asoosama kana yeroo kalaqu namoota addunyaa dhugaa kana fakkeessuun arga yaadaatiin waldhabbii qooddataan mataa isaa waliin taasisu, waldhabbii qooddataan qooddataa waliin taasisu, waldhabbii qooddataan uumama waliin taasisu, waldhabbii qooddataan uumaa waliin taasisufi waldhabbii qooddataan teeknoolojii waliin taasisu jechuudhaan hojii isaanii addunyaa dhugaa fakkeessuudhaan uumeera. Qorataan kunis, qorannoo kana adeemsisuu keessatti kan irratti xiyyeeffate waldhabbiiwwanifi ergaawwaan kanneen qooddataan mataa isaa waliin godhu, waldhabbii qooddataan qooddataa waliin godhu, waldhabbii qooddataan uumama waliin godhu, waldhabbii qooddataan uumaa waliin godhuufi waldhabbii qooddataan teeknooloojii waliin godhu irratti xiyyeeffachuudhaan qorannoo kana kan itti fufsiisuudha. Akkasumas, gaaffiiwwan bu'uuraa keessatti ka'aniifis deebii kan kennuu danda'uudha.

### 4.3 Gosoota Waldhabbii Asoosamichaa

> *... Barsiistuun Afaan Oromoo ati hanga yoomiitti biqilaa kan calluma jettee daddarbitu? Biqilaa, jettee natti cooktee nabira darbite. Anis mana ga'een kan isheen natti himte keessa deebi'ee yammuun yaadu hanga yoomiitti inni jedhu sammuu nanyaatee boqonnaa nadhorkee, ofittis gungumeen kan isheen naan jette nawaraanee ofkeessaa buqqisuu waanin dadhabeef, gara mana Ob.Bilisummaa, Abbaa Daandii dhaqeen hiriyaakoo barbaadee waliin haasa'uuf murteesse.*

*(fuula,31-32 keeyy,4)*

Yaada waraabbii kanaa irraa wanti hubannu Biqilaan barnootaan hanga kutaa saddeet ga'utti baayyee cimaa hin turre. Kanaaf yeroo inni kutaa saddeet ga'etti barsiistuun Afaan oromoo immoo ati hanga yoomiitti calluma jettee daddarbita? jettee itti cookte. inni garuu yoo yeroosiif callise illee manatti galee yaadaan dhiphachuu eegale. Hiriyaa isaa mariisisuufis gara hiriyaa isaa deeme. Kanarraa kan hubannu osoo tarkaanfii hin fudhatin obsaan wanta namni namaan jedhu bira darbuu, akkasumas immoo hiriyaa ofii mariisisuun gaarii akka ta'e irraa baranna. Akkuma Oromoon gubataa marqaa hubataatu arga jedhusana, keessa Biqilaa abbaa beekutu beekaaf malee Biqilaan rakkoo maatii qaba. Jireenya nama tokkoo irratti haalli maatii dhiibbaa guddaa uuma yookiin jireenya keenyaaf haalli naannoo murteessaa akkuma ta'e, haalli jireenya maatii immoo baayyee murteessummaan isaa ol'aanaadha. Biqilaanis, barattoota wajjiniin qaamaan deema malee yaadaan waa'ee rakkina maatii isaatu isa yaaddessa. Kanumaaf jecha Biqilaan barnootatti ciminni baayyee hin qabu. Gabaabumatti waldhabbiin akka kanaa kun asoosama kana keessatti iddoo baayyeetti kan argamuudha.

#### 4.3.1 Waldhabbiiwwan Gurguddoo Asoosamichaa

> *... Biqilaa "Ga'een qaba jettee yaadda yoo ta'e " jechuun isaa maal jechuu isaati maaliifan hin gaafanne? Homaa miti iddoon lafa jalaafi onnee jalaa guyyaa eegu malee qullaa niita'u. Lafti badiisaas golgaa hin qabu dhagaa wayitti hin gallee malee. Nan obsa guyyaan gargar ba'anii beekamuu yoo dhufuu baates, guyyaan of hubatanii aggaammatan dhufuu hin didu. Silaa hiyyeessaaf guyyaa hundinuu hamaadha, garaa gammachuu qabuuf garuu guyyaa hundinuu cidha. Kun hanga yoomiitti?*

*(fuula,12 keey, 3)*

Yaada waldhabbii kanaa irraa wanti nuti hubannu Biqilaan barsiisaan maqaa isa waamu G/Mikaa'el bakkikee qabameeraa kanaan booda seeneen barnoota lammummaa baradha jettee garaa keetti hin yaadin. … jedhee waan doorsiseef biqilaan aariidhaan guutamee akkamittiin akkas naan jedhaafi maaliif naan jedhaan waan keessa isaa guuteef ga'een qaba jettee akka hin yaanne jedhee ga'ee isaa barsiisaan sun waan irraa fudhateef Biqilaan aariidhaan guutamee maaliifin osoo hin gaafatin deeme? Akkamittin ga'ee dhaba ? jechuudhaan gaaffii kana ofgaafatee ofiisaa yookiin yaada isaa waliin waldhabee yeroo inni jeeqamutu argama.

#### 4.3.1.1 Waldhabbii Qooddataan Mataa Isaa Waliin Godhu

Waldhabbiin akka kanaa kun kan uumamuu danda'u yeroo qooddataan matuma isaa waliin wal dhabu kan uumamuudha. Kun jechuunis, immoo qooddataan wantoota isa mudatan ilaalchisee ofii isaatiin mormuun of dhiphisa. Kunis, yaada, fedhii, gadda, gammachuu, jibba, fa'aa ofkeessaa qaba. Yaada isaa kana waliin gochaa raawwachuuf ofiin mormii kan taasisuudha. Gosti waldhabbii kanaas asoosama kana keessatti kan mul'atuudha.

...Biqilaan yoo kutaatti dadhabaa fakkaatellee...*Hangamitti abbaafi deesseenkoo akkas dafqanii, daaranii daara nabaasaa, hagabanii nanyaachisaa, gadii ta'anii nanamoomsuufi?*

(fuula, 12 keey,4)

Yaada olitti dhiyaate kanarraa kan nuti hubannu Biqilaan nama kutataafi kaayyo qabeessa ta'uu isaati. Nama kaayyo qabeessa waan ta'eef immoo kaayyoo isaa sana galmaan ga'achuuf dhiibbaa guddaa godha. Haata'u iyyuu malee, kaayyoo Biqilaa kana immoo fashaleessuuf kan gadi hin teenye masaanotni isaa hedduudha. Biqilaan garuu, mucaa seexa qabeessa waanta'eef yaanni keessa isaatti mormii uumaa ture maaliifin of hin danda'u? kan jedhuudha. Innis, dafqa maatiin isaa isatti dhangalaasaniifi ofii isaaniif daaranii isa daara baasaa, otuu ofii hin nyaatin isa nyaachisanii, ofii gadi ta'anii isa nama gochuun isaanii hanga yoomiitti kan jedhuudha. Biqilaan nama seexaa qabu waan ta'eef gaaffiin maatiikoo yooman aara galfachiisa, hanga yoomiittin akkasittii dadhabsiisa jedhu itti dhaga'amuudhaan akkanni yaada mataa isaa waliin waldhabu isa godhe.

> Qooddataan yaduma keessoo isaatiin yeroo waldhabu ammas ni mul'ata. *Biqilan yeroo kutaa shan baratu barsiisaan barnoota lammummaa isaan barsiisu waa'ee heeraafi seera rakkoowwan*

*daangaafi sab-lammootaa isaan barsiisaa ture daangaan biyya oromiyaa sirriitti kabajamee qooqni isaa deebi'eefi jira jedhe barsiisaan. Biqilaan teessuma gabatee barruu fuula isaa jiru irratti gadi gombifamee... . Rakkoo sammuunkoo ittiin qabame kana rakkina kootiin natti seenanimoo! dhaladhee akkan laamsha'u, dhibee hin qoratamneen hir'uu yommuun ta'u, bitaan achi jedhamee akkan lakka'amuuf moo?...'jedhee achumaan boo'icha eegale.*

*(fuula, 13 keey,1)*

Yaada olitti dhiyaate kana irraa wanti hubatamu Biqilaatti wanti barsiisaan barnoota lammummaa jedhee barsiisuufi isa abbaan isaa manatti isa barsuusaa turetu faallaa itti taanaan sammuun Biqilaa kanaan qabamee jeeqamuu eegale. Abbaan isaa waan dhugaafi qabatamaa itti hima ture. Kan barsiisaan har'a dubbatu garuu Biqilaaf gaaffiidha. Kanaaf Biqilaan keessoo isaatti yeroo inni dhiphatu argina.

**Waldhabbii Namaafi Hawaasa Gidduu**

Waldhabii namaafi hawaasa gidduutti uumamu keessatti namni tokko qofaa isaa kan dubbatu yoo ta' iyyuu hawaasa bakka bu'ee hawaasaaf dubbata malee akka dhuunfaatti miti. Haaluma walfakkaatuun Haalaafi akkaataafi haala jireenyaa kamiin keessatti iyyuu waldhabbiin jiraachuun isaa dirqama ta'a. Akkuma asoosama keessatti waldhabbiin seenaa asoosamichaa gara fuulduraatti deemsisuuf ga'ee guddaa taphatu, jireenya ilma namaa keessattis waldhabbiin waan miidhaa malee faayidaa hin qabne yoo fakkaates sadarkaa faayidaa isaa ol'aanaa jennee kaa'uu baannus akka faayidaa qabutti hubachuun gaarii ta'uu danda'a. fakkeenyaaf nama, nama biraa wajjin yookiin ammoo hawaasaa wajjin falmii hin gaggeessine moo nama hawaasa wajjinis, ta'e nama dhuunfaa wajjin wal dhabbii uumu yookiin dhaabbatee falmutu dhiibbaa uumuu danda'a yookiis akka gootaatti ilaalamuu danda'a kan jedhuuf deebiin nama waldhabbii uumuu danda'u sana ta'uu danda'a. Namni oonnataan hawaasa isaatiif falmuudhaaf hawaasa biraa wajjin ammoo waldhabbii uuma.Yaaduma kana kan deeggaru yeroo namniifi hawaasni waldhabu akka kanatti aanee jirutti dhiyaateera**.**

*...Biqilaa jechi isaanii kun gara dhukkubse. Jarri hiddituun akka soonsaa, qoba galeettiin akka qeerransaa, Leenca ilkaan hin qabne ta'ee hafuun immoo isa gube. Silaa Leenci dulloome boombii funaanaafi Qeerransa roobni dhaane wallaalaan iyyaa seeti "Oromoo eennumatu Leenca ilkaan hin qabne godhee hambise?" ... Aaruun*

*dhiisa jedhus aariin isa hin dhiiftu. Hinyaade, aariidhaan. Garuu aarii waa gootu hin turre. Kan ofumaa gubatan malee. Cimseema yaada. Jara Oromoo darartu sanatti, goonni isaanuma qofa fakkaachuun immoo isa ajaa'ibe. Ammallee hin yaade. Uummata "An lunna" ofiin jedhu dhaga'ee hin beeku. Uummata kamuu keessa beekaafi wallaalaan, qaroofi gowwaan, jabaafi laafaan akkuma jiru gootaafi lunnillee jira malee uummanni tokko cufti goota yookiin lunna jedhamee waamamu hin jiru. Jarri kun maaliif akka waan goonni isaan malee hin jirree of godhan?*

(fuula,91-92 keeyy,3)

Yaada kana irraa kan hubannu Biqilaan kutataafi xiiqeffataa dhiiraa waan ta'eef rakkoo saba isaatii kana nama taa'ee ilaaluu hin dandeenyeedha. kanaafuu, Biqilaan waa'ee saba isaatiif quuqamuu isaa yookiin nama quuqama sabaa qabu ta'uu isaa hubanna. Gaaffii inni namaa biraa osoo hin taane ofuma isaa gaafatee dhiphatu Oromoo eenyumatu leenca ilkaan hin qabne godhee hambise...Jechuudhaan gaaffii kana of gaafatee yaadasaatiin qofaa jeeqama. Walumaagalatti waldhabbiin akka kanaan namni qofaa isaa waa'ee saba isaaf quuqamee saba tokkoofi saba biraa gidduu bu'ee dubbachuun saba biraa wajjin waldhabu kun waldhabbii namaafi hawaasaa jedhama.

**4.3.1.2 Waldhabbii Namaafi Nama Gidduu**

Gosoota waldhabbii jiranii keessaa waldhabbiin namaafi nama gidduu isa tokko yoo ta'u, waldhabbiin kun kan uumamu yeroo waliigalteen qooddataafi qooddataa gidduutii dhabamuun walitti bu'iinsi uumamuudha. Kunis, qooddataan biraan tokko kaayyoo isaa galmaan ga'achuuf yeroo ariifatu masaanonni isaa immoo kaayyoo isaa sana gufachiisuuf kan gadi hin teenyeedha. Waldhabbiin qooddattoota gidduutti haala kana fakkaatuun uumamu waldhabbii namaafi namaa jedhama. Wantoonni walitti bu'iinsa kana uuman immoo garaagarummaa yaadaa, ilaalchaa, fedhii, amantaa, ejjennoo, kaayyoo, eenyummaa qooddattoonni qaban fa'a irratti kan hundaa'aniidha. Asoosama dheeraa "Gindillaa" jedhu kana keessattis akaakuun waldhabbii kanaa sirriitti kan argamuudha.

Yaadonni kunniinis akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

*...Adeemsa kana gidduutti barsiisaan biqilaa maqaa waamu lakkoofsi kudha tokko hin dhufnee jedhee afaan amaaraatiin gaafate.*

*Biqilaanis, kudha tokko akka inni barreeffamuufi moggaasa argatu kan godhe jiraachuukooti jedhee deebiseef.*

*B/s G/M singiggoo jireenyakoo yeroo kamiiyyuu nyaadhee qomarraa kan nagubu kan akka keefi si'iidha. ... jedheen.*

(fuula, 11 keey,3)

Yaada barreeffama olitti dhihaate kanarraa kan nuti hubannu Biqilaafi barsiisaa Gabre Mikaa’el gidduudhaa waliigaltee; wal hubannaan dhabamuudhaan waldhabbiin gidduu isaaniitti uumamuu isaati. Akkasumas hariiroo gariin jiraachuurra hariiroo badaan uumamuu isaati. Namoonni tokko tokko yaada jibbaan kan guutaman daandii ittiin nama wajjin walitti bu'an yookiin waldhaban barbaadu. Amaleeffannaa fokkisaa horachuurraan kan ka'e nama waliin waliigaltee uumuurra nama waliin wal loluu; wal dhabuu filannoo isaanii godhatu. Barsiisaa Gabre Mikaa'elis, barataa isaanii kan ta'e Biqilaa oftulummaa isaatiin doorsisuuf afaan amaariffaatiin yeroo waamu lameen isaanii iyyuu walitti deddeebisan. Haaluma kanaan jarreen kana gidduutti waldhabbiin akka cimu ta'ee itti fufe. Waldhabbiin akka kanaa kun hawwaasa keessatti darbee darbee kan mul'atuudha.

Waldhabbiin qooddattoota biroo gidduutti uumames akka itti aanutti dhihaateera.

> *...Ergasii anis teessoo koorraa kufuukoo malee eessa akka nageessan tokkoyyuu hin beeku.* ***Gidelachew :*** *Ok. Wayi Zerinyinnet' aantee...diraamaa narratti taphataaa jirtaa? Antee Xebbaaba' amma dhibee keessan bira gaheera. Maal isin warri oromoo kun ammayyuu sammuun keessan 'Xebbaabiidha' rakkoonkee rakkoo siyaasaatii edaa? ati inni isaan keessaa baratte jedhamtus akka nama jabana durii (primitive)tti yaadaa jirtaa? baayyeen sitaajjabe. Utuun kanatti beekee gaafa ati miidhamtee dhufte sana akka ati duutuuf callisee ilaaluutu narra ture. Adaraa nama kana kottaa gadi baasaa! Kun Dr. Fayyisaa otoo hin taane 'Ato Fayyisaa' iyyuu jedhamuuf kan hin malleedha jedhee waardiyyoota meeshaa waraanaa qabatan itti waame.*

***Dr. Fayyisaa*** *: Dr. Gidelachew ,Nadhagai! Ati durumaa ajjeestee barte. Nama baayyeetu haka keessanitti bade.Dhiignikee dhiigaan laaqamaadha. Dhibeen obboleessikoo Haqasaanis ta'e uummanni miiliyoona 50 ol har'a ittiin dhukkubsataa jiru ifaadha. Ntis dhukkuba keenyaaf dawaa wal madaalu dhiyootti argachuuf jirra. Atis yeroo sanatti boolla keesa dhokattu barbaaddatta. Dhukkubni kun dabareen isaa*

*ammoo siqaqqaba. ...waaqayyo saba keenyaaf murtii qajeelaa kenna.*

*(fuula, 124-126 keey, 3)*

Yaada waraabbii kanaa irraa wanti hubannu waldhabbiin kun kan irratti xiyyeeffatu sanyummaa irratti. Waldhabbiin Dr. Fayyisaafi Dr. Gidelaachew gidduutti uumamuu isaati. dhukkubni Dr. Fayyisaan dhukkubsatan dhukkuba sammuu yookiin yaadaati. kunis Haqasaa irraa akka itti darbe dubbataniiru. Haqasaa kan dhibe rakkoo uummanni isaa keessatti dararamaa jiru yoo ta'u, innis dhukkubsatee Dr. Fayyisaa biratti yaalamuuf yoo deemu akkaataa dhukkuba isaa Dr. Fayyisaatti tokko lamaan akkumanni itti himateen Dr. Fayyisaanis dhukkubichaan yerooma sana qabamee teessumarraa kufnaan Dr. Gidelachewtti geeffame. Dr. Gidelachew gaaffii inni Dr. Fayyisaa gaafate irratti waldhabbiin gidduu isaaniitti uumame. Dr. Fayyisaanis akkuma Haqasaa nama sabaaf quuqamu waan ta'aniif rakkoon saba isaanii itti dhaga'amuudhaan yaada guddaa keessa waan galaniif dhukkubaan qabamani gara hospitaala Dr. Gidelaachew geeffamuun waldhabbii kanaaf karaa saaqeera. Waldhabbiin akka kanaa kun hawwaasa keessatti bal'inaan mul'ata.

### 4.3.1.3 Waldhabbii Namaafi Uumama Gidduu

Waldhabbiin akka kanaa kun immoo kaninnii mul'atu yeroo qooddattoonni asoosama keessaa kaayyoo deemaniif sana bakkaan ga'achuuf aggaaman morgoobonni isanii immoo yeroo kaayyicha duraa rukutan kan mul'atuudha. Masaananni kunniinis kanneen uumama waliin walqabatan yoo ta'an isaanis, kanneen akka balaa beelaa, addunyaatiin waldhabuu yookiin addunyaa kana jibbuudhaan yeroo qooddataan kana balaaleffatu kan mul'ataniidha. Akaakuun waldhabbii kanaas ,asoosama “Gindillaa” jedhamu kana keessaa iddoo tokko tokkotti ni mul'ata. Waldhabbiin akkasii kunis akka itti aanutti dhiyaataniiru.

*Waan addunyaan kun baattu kana quunnaan safareen afarsaan qulleessee garuu, habaqii malee, sanyii sanyiif dhiigdun keessaa dhabe. Sanyii lafa guute keessaa qola malee micireen dhabe. Kanaafan addunyaa kana jibbe; badu moo jiraadhu? Ammoo jiraachuunisoo baduurra hin wayyuutii jedheen tuullaa qilleensaarra faanaan malee yaadaan irra deemuu jalqabe. Deemsa daangaafi dhaabbii hin qabne…*

*(fuula,131 keey,2)*

Yaada barreeffama olii kanarraa wanti nuti hubannu habaqii malee sanyii sanyiif dhiigdun keessaa dhabe. jechuun uumama addunyaa kanaa keessaa wanta gaariin dhabe jechuudha. Habaqii jechuu qola kan homtuu keessa hin jirre jechuudha. Habaqii malee sanyii sanyiif taatun keessaa dhabe jechuun kan namaaf nahuun dhabe jechuudhaan uumama addunyaa kanaa kana yeroo inni komatu argina.*(*kanaafan addunyaa kana jibbe)

Waldhabbiin namaafi uumama gidduu kun hawaasa keessatti bal'naan kan mul'atuudha.

**4.3.1.4 Waldhabbii Namaafi Uumaa Gidduu**

Akaakuun waldhabbii kanaa kan mul'atu yeroo tokko tokko qooddattoonni asoosama keessaa kaayyoo isaanii galmaan ga'uuf yeroo ariifatan wantoonni kaayyoo isaanii kana jalaa rukutan immoo karaa ta'ii uumaatiin yeroo mul'ataniidha.

Waldhabbiin namaafi uumaa gidduu akkuma waldhabbiiwwan kan biroo waldhabbii qaama lama yookiin immoo garee lama gidduutti uumamu ta'ee, waldhabbiiwwan kanneen biroo irraa kan adda isa taasisu waldhabbii qooddattoonni uumaa isaanii wajjin taasisaniidha. Asoosama keessaa qooddattoonni kaayyoo isaanii galmaan ga'achuudhaaf yeroo isaan kaatan kaayyoon isaanii kun akka galma hin geenyeef kan gufuu itti ta'u immoo sababoota hedduutu jira. Sababoonni kunniinis, kanneen akka hiyyummaa yookiin rakkinaa; qarshii dhabuu, namoonni aangoo qaban siyaasatti hirkatanii nama miidhuufi kan kana fakkaataniidha. Waldhabbiin bifa kanaan asoosama kana keessatti mul'atanis, gabaabinaan akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

> …*Yaa waaqayyo naannoo deegummaa akka oogummaa kootiitti akkan hedadhu duraan kakuu naaf seentee ijoolleekoo immoo qabeenya ani qabu isa tokkoffaa rakkinakoo akka dhaalaniif garaa naaf laafuu keetii?* Jedhanii ta'anii akka nama gobaan waraanee hadhaa kulkulfatee taa'ee hooqatuutti taa'anii yaada isaan hooksise hooqqatu.
>
> *(fuula,17 keey, 3)*

Yaada olitti fudhatame kana irraa Wanti nuti hubannu Obbo Dhaabasaan yeroo mucaan isaanii Moonalaataan mana barumsaa irra jiru irraa xumuree gara sadarkaa itti aanuutti darbee barachuuf jedhutti maatiin kun qarshii ittiin mucaa sana barsiisan dhabanii waan rakkataniif abbaan mucaa obbo Dhaabasaan immoo rakkoo isaanii kanaaf yaa waaqayyo jedhanii yeroo isaan uumaa wajjin

waldhaban ni mul'ata. Komiin namni bifa kanaan waaqayyoon yookiin uumaa komachuu kun immoo waldhabbii namaafi uumaa jedhamee beekama

Haaluma walfakkaatuun waldhabbiin namaafi uumaa kun qooddataa biroo walinis kan adeemsifame yoo ta'u, innis akka itti aanutti dhiyaateera. …Obsineen qarmammeettii balbalaa irratti michichilooftee caama ganamaa keessa teessee boquu gadi qabdee maddii qabattee

> *…Uumaan kun dhala namaa kana maalumaaf bineensa walitti godhee?... badiisa waliisaa keessa gammacchuu barbaadaa? Hanga walmiidjhutti jiraachuu hindanda'uu?... haga bultii walii diigutti kan dhuunffaa isaa jiraachuu hin danda'uu? Warri isa qabee dhabamsiise hagam gammadeera laata?...*
>
> *(fuula,27 keey, 1)*

Yaada barreeffama kanaa irraa kan nuti hubannu namni gaafa rakkatee rakkoo isaa sanaaf immoo nama furmaata itti kennuuf dhabe, obsa fixatee abdii kutuu jalqaba. Namni gaafa obsa fixate immoo hamma humnaafi dandeettii isaa tarkaanfii fudhachuu eegala. Jaallatee osoo hintaane osoo hin jaallatin waan hundumaatti furmaata isa gochuu danda'u gara uumaatti komii bifa xiiqiitiin dhiheessa.

Obsineenis, abbaa manaan ishee qabamee achibuuteen isaa erga dhabamee isheenis ija isheetiin erga arguu dhabdee baatii lama waan guuteef miiroftee uumaa wajjin waldhabbii uumte.

#### 4.3.1.5 Waldhabbiiwwan Xixiqqoo Asoosama Gindillaa

#### 4.3.1.6 Waldhabbii Namaafi Teknooloojii

Guddina teeknooloojii irraan kanka'e meeshaa dhalli namaa addunyaa kana irratti kalaqatee itti fayyadamaa jiru kan nama ajaa'ibsiisuudha. Meeshaaleen kunis, isa itti fayyadamuuf akkuma faayidaa qaban isa harkasaa keessa hin jirreef immoo doorsisaafi miidhaadhas. Haaluma walfakkaatuun namni gaafa meeshaalee kanaan miidhamu immoo waldhabbiitu uumama jechuudha. Kanaafuu waldhabbiin namaafi teekinooloojii asoosama kana keessatti iddoo baayyeetti mul'achuu baatus, darbee darbee iddoo tokko tokkotti ni argama. Waldhabiin akka kanaa kun kan uumamu yeroo namniifii wantoonni oogummaa namaatiin kalaqaman walitti

bu’an kan mul’atuudha. Asoosama kana keessattis waldhabbiin akka kanaa akka armaan gadiititti gabaabinaan dhiyaateera.

> *Biqilaa, mannee yeroo irraa ciran maal ta’a? dabeessi kana abdaatus yoom gootoma? Maxxannee mudhii, ilbiisa ejjennoo hin qabne koofkeetii, keetiif kootii kan adda hin baafne, ijaarratte jaatanii kan hin waamne, dhokattuu yeroo maraa, ija ol hin qabannee firii salphinaa, kana eessaan gab ofirraa goona?*
>
> *(fuula, 78 keey, 3 )*

Waraabbii olitti dhiyaate kanarraa wanti hubatamu meeshaan teknooloojii harka namaatiin hojjetamee deebi’ee immoo yeroo inni hawaasa irratti dhiibbaa geessisutu mul’ata. kana malees, namoonni meeshaa kanatti fayyadamanii yeroo isaan namoota garaa garaa ittiin rakkisan ni argama. Meeshaan kun yoo of eeggannoon itti hin fayyadamne ta'e akka tasaas nama miidhuu danda'a

> *Daandii, kan keessa dhokatanii waraanuu barbaadan waraanaan yoo maal ta’e ligidaa’ee bososaa? Lammiinkoo bososaa isaatiin waraanamee hanga yoomiitti ittiin waraanamnuu?*
>
> *(fuula78 keeyy,4)*

Yaadi armaan olii kunis, yaaduma waraabbii isa tokkoffaa irraa wajjin tokkummaa kan qabu ta’ee yaada qooddataa biraatiin dhiyaateedha. Yaada kanarraas wanti nuti hubannu miidhama daangaa malee yookiin rakkoo ajjeechaa, doorsisaafi kan kana fakkaatan kan saba Oromoorra ga’aa jiru ibsuu yoo barbaadu hanga yoomiitti ittiin waraanamnu jedhee quuqqaa garaa isaa ibsachuu isaati. meeshaa barreessaan haala kanaan osoo maqaa isaa yookiin meeshichaa ifa hin basin rakkoo inni namarraan ga’u qofaa tarreessu kun meeshaalee teknooloojii keessaa meeshaa dhukaasaa yoo ta’u, innis Qawweedha.

Waldhabbiin namaafi teknooloojii kana waraabbii kan biroo fudhachuun yoo ilaalle akka itti aanutti dhiyaateera.

> *dookteeriyyee... wyinee... yehager tesfaa.. cellemebbin wayinee...' jedhu turan. gaafan sirriitti hubadhee ilaalu, Dr. Gidelachewdha. Balaa konkolaataatiin du'e. G/Mikaa'el Alemsegged W/Maariyaamis balaa walfakkaataa sanaan miilliifi harki waan*

*irraa citeef galgaluma sana Hospitaalichatti lubbuun keessaa baate.*

*(fuula,140 keeyy,1)*

Yaada waraabbii armaan olii kanarraa kan hubannu meeshaa teknooloojii oguma namaan kalaqaman keessaa kan nama waliin waldhabbii uuman tokko konkolaataadha. Dr. Gidelaachewfi G/Mikaa'el Alemsegged W/Maariyaam haala walfakkaataadhaan balaa konkolaataatiin du'an. Kana jechuun meeshaan teeknooloojii waldhabbii miidhama qaamaa yookiin qaama namaa irratti dhiibbaa geessisuu qofa osoo hin ta'in yeroo hedduu lubbuu namaa iyyuu dabarsuudhaan namaa wajjin waldhabbii cimaa uuma.

**4.4 Ergaawwan Asoosamicha Keessaa jiran**

**4.4.1 Ergaawwan Asooosama Gindillaa Keessaa**

Ergaan yaada giddugalaa asoosama tokkooti. Asoosamni ergaawwan garaa garaa dabarsuu kan danda'u yammuu ta'u, asoosamni sun dubbifamee erga xumuramee booda yaadni yookiin hubannoon dhumarratti argamu sunis ergaa jedhamuun fudhatama. Ergaan asoosama keessatti dhaamsa yookiin yaada asoosaan tokko dabarfachuu barbaade ta'ee, yaada ijoo asoosama tokkooti. "Ergaan kaayyoo asoosamni tokko barraa'uuti". Barreessaan yaada isaa ibsachuuf, ergaa isaa dabarfachuuf asoosama uuma yookiin kalaqa. Asoosamni kamiyyuu ergaa dabarsuu barbaadeen akka madaalamu ammoo boqonnaa lama keessatti ilaallee jirra. Ergaa kanas iddoo lamatti qoodnee ilaaluu dandeenya. Isaanis ergaa guddaa asoosamichaafi ergaawwan xixiqqoo asoosamicha keessatti mul'ataniidha. Ergoolii asoosamaa keessaa ergaa guddaan asoosamni tokko dabarsuu barbaade akkuma jirutti ta'ee akkasumas, ammoo ergaawwan xixiqqoonis ni jiraatu. Kunis, asoosama kana keessatti akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

**4.4.2 Ergaa Guddaa Asoosamichaa**

Barreessaan asoosamaa kamiyyuu asoosama isaatiin ergaa dabarfatu akka qabu kaasneerra. Asoosaan tokko yeroo barreessu dhimmi kun irratti xiyyeeffatamuu qaba jedhee asoosamicha keessatti kan inni mul'isutu ergaadha. Kunis asoosama kana keessatti akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

- **Ergaa Haqa Dhabuu Saba Tokkoo**

Haqa jechuun wanta ifa jiru kallattiidhaan wanta mul'atu jumlaa utuu hin taane (perfect) kan ta'e jechuudha. Haata'u malee, utuu haqa qabanii haqa dhabuu caalaa wanti nama aarsu waan jiru hin fakkaatu. Asoosama kana keessattis, haqa utuu qabanii akka hin qabnetti ilaalamuun murtiin sobaa utuu kennamuu iddoo baayyeetti agina. Yeroo tokko tokko osoo hin taane yeroo hedduudhaaf haqni nama dhuunfaa ;haqni sabaa harka warra aangoo qaniitiin ni haqaaqama. Kunis akka kanaa gadiitti dhiyaateera.

*…sassaabamaafi walitti qabamaan hacuuccaafI utuu haqa qabanii haqa dhabuu dhaloota kanaa argeen akkamiin yoomis irraa ka'a laata!? kan jedhurraa ka'eeni,…*

*(fuula,5 keey, 1)*

Yaada olitti fudhatame kanarraa wanti hubannu akkuma barreessichi jedhe kan irree alagaatiin walitti sassaabamee irra tuulamee dhaloonni kun baachuu dadhabee akka ilmoolee iyyeessaa jooraa, rakkachaa, hidhii xuuxaafi boo'aa akka jiraatu ta'eeef hacuuccaa sabni lakkoofsaan muraasaa waan aangoo argataniif saba hedduu irratti keessumaa immoo saba Oromoo irratti bara muraasaaf osoo hin taane baroota dheeraaf fe'achaa, hojjisiifachaa, garboomsaa, gurgurachaa tureefi hacuuccaa daangaa hin qabne irratti geggeessaa ture kan ibsuudha.

- **Ergaa Mirgi Sabaa Sarbamuu**

Dhalli namaa uumamuma isaa irraa eegalee akka ragaaleen gara garaa mirkaneessanitti mirga guutuu akka qabuudha. "MAN IS BORN FREE" jecha ingilizootaati. Hiikni isaa namni dhalootaan bilisa jechuudha.

Mirgoonni dhalli namaa qabu kunniinis, mirgoota uumamaafi mirgoota diimokiraasii jedhamanii beekamu. isaan kana lamaan keessaa akka fakkeenyaatti yoo fudhanne Mirgoota uumamaa: kan jennu fakkeenya mirga lubbuun jiraachuu, Migoota Diimokiraasii: kan jennu fakkeenya mirga yaada ofii bilisaan ibsachuu, Mirgoota dhala namaaf kennaman keessaa tokkoon isaa yoo sarbame xiinsammuun namaa akka tuqamu beekamaadha. Mirgi namaa sarbamuu asoosama kana keessatti dhiyaatan muraasa isaanii akka armaan gadiitti haa ilaallu

*Mirga loogummaan alaa**:** Mirgi kun hundeen isaa mirga isa walii galaa "namni kamiyyuu harka mootummaatiin walqixa tajaajilamuu qaba" isa jedhuudha. Loogii tokko malee namni kamiyyuu walqixa ilaalamuu qaba. Kanaafuu, Afaanuma tokko qofaan tajaajila kennuun matumti isaa iyyuu loogii guddaadha; warreen afaan filatame sana hin dubbanneef, Oromoonis Afaan isaatiin yeroo federaala keessatti dhimma ba'uu dhabu loogummaa! (UDHR,keeyyata 2)*

*Walqixxummaa garee**:** Bulchiinsi saba adda addaa kan of keessatti hammatu yoo ta'u, afaan hojii yeroo filatu, saba afaan isaa filameef faayidaa guddaa kennaaf.*

*(fuula,6 keeyy, 2)*

Waraabbii armaan olii kanarraa kan nuti hubannu mirgi saba tokkoo kabajamee mirgi saba kan biroo immoo sarbamuu isaa kan ibsuudha. Keessumaa Afaanni saba muraasaa afaan federaalaa ta'ee afaan saba hedduutiin dubbatamu immoo xiqqeeffamuu; hacuucamuu isaatu argama. Fakkeenyaaf afaan Oromoo Afaanota Afriikaa keessaa guddinaan sadaffaadha. Afaan Hawusaa,Naayijeeriyaafi Kiswaahilii gaanfa Afriikaatti bebbeekamoo keessaa. Akka biyya kanaatti immoo baayyina nama dubbatuutiin adda dureedha. Afaan hojii jechuun bulchiinsa mootummichaa jalatti afaan barnootaati. kanaafuu afaan tokko yoo filatamu akka waliigalaatti akka barnoonni ittiin kennamuuf balbala saaqa. Mirgi saba tokkoo karaa lameen kanaan jechuun karaa mirgoota diimokiraasiis ta'e, karaa uumamaan akka eegamuu qabutti mootummaan irratti hojjechuu qaba.

- **Ergaa Dhugaan Namaa Deebi'uu**

**...** *Utuuman deemaa jiruu waca guddaa tokko dhaga'e. Wacichis boo'icha waan akka nama du'ee waan fakkatuufan itti goree ilaale. Kan suuraa olkaasanii Afaan Amaaraatiin' ...wayinee' ... wayinee dokteeriyyee... wayinee yehager tesfaa cellemebbin wayinee...' jedhu turan. Gaafan sirriitti hubadhee ilaalu, Dr. Gidelaachew dha. Balaa konkolaataatiin du'e. G/Mikaa'el Alemsegged W/Maariyaamis balaa wal fakkaataa sanaan miilliifi harki waan irraa citeef galgaluma sana hospitaalichatti lubbuun keessaa baate. Ani ammoo gaafan kana dhaga'u hin gammannes hin gaddineefis; hin boonyes. Kunis sababa qaba ture; kan jalqabaa gocha isaan Dr. Fayyisaarratti raawwatan sanaaf utuu turanii*

> *biiftuu Dr. Fayyisaaf baate kana hin argin du'uu isaanii, kan lammataa ammoo summiin lafarra taa'ee dhiiga sabaa xuuxu kun jiraachuu waan hin qabneefidha. Obbo Fakkeessaanis Dr. Gidelaachewfi G/Mikaa'el Alemsegged W/Maariyaam Faana hidhata waan qabaniif, dhukkubni sukkaaraas waan isaan rakkisaa tureef, du'a isaanii dhaga'anii achuma lafa dhaabatanitti lafa dhahanii du'an. Nutis lafa jirru maraa wal waamnee, 'Keenya Lolaan Waaqayyoodha' jenne. Warra humna hin qabneef humna, warra dubbatachuu hin dandeenyeef afaan kan ta'u isa qofa,...jennee dubbii wal harkaa fuunee hooqubaan kan waaqaati jenne.*

*(fuula, 139-140 keeyy, 2).*

Yaada olitti waraabame kanarraa wanti hubannu akkuma oromoon yeroo dubbatu dhugaan hinqallatti malee, hin cittu jedhu sana dhugaan namoota arga yaadaa barreessaan kalamanii kun niideebi'e akkuma

- **Ergaa Tokkummaafi Ijaa Ba'umsaa**

Tokkummaan humna akkuma jedhamu eenyu iyyuu hanga tokkummaa isaa dhugoomsatutti homaa gochuu hin danda'u. Uummanni oromoos utuu akka baayyina qofaatiif waa gochuun nidanda'ama ta'eetii waa'een baayyina uummata Oromoo kan wal nama gaafachiisu miti. Haata'u iyyuu malee, uummanni oromoo haammachuu guddufachuu beeka. Oromoon gara laafessa malee gowwaa miti. Garalaafummaa isaa kanaaf immoo ijaa kan baasuuf Oromoon Waaqa qaba**.** Kunis akka itti aanutti dhiyaateera.

> *... Nutis lafa jirru maraa wal waamnee, 'Keenya Lolaan Waaqayyoodha' jenne. Warrahumna hin qabneef humna warra dubbatachuu hin dan deenyeef afaan kan kan ta'u isa qofa,...jennee dubbii wal harkaa fuunee hooqubaan ka waaqaati jenne. Kana booda inni hojii ijaa ba'umsaa nuuf jalqabe waaqayyo 'GINDILLAA' nurra ciise kanas nurraa kaasa jennee waljajjabeessinee hojii hojjetamuu qabutti achi dabarre...!*

*(fuula,140 keeyy,1)*

Yaadonni armaan olitti dhiyyaatan kun ergaa isaan dabarsan nutis lafa jirruu walwaamnee jechuun tokkummaadhaan kaanee jechuudha. Tokkummaa qabaannaan iddoon hin ga'amne akka

hinjirre yookiin wanti gochuuf ulfaatu akka hin jirre, mammaaksa oromoo keessatti Jirbiin wal gargaartee Arba hiiti, akkasumas, ammao tokkummaa malee iddoo fagoo ga'uun akka hin dandaa'amneedha. Ijaa ba'umsa gaafa jedhamu immoo namni tokko gaafa miidhamu ijaa isaa baafachuuf ariifata. Ijaa baafachuun garuu iddoo itti rakkoo keessa nama buusu qabaachuu danda'a. Wanti filatamaan garuu hamma danda'ame karaa nagaa deemuu, kan isarraa hafe immoo ijaa namaa baasuu kan danda'u Waaqayyoodha jechuu isaati. Inni hojii ijaa ba'umsaa nuuf jalqabe jechuun waaqayyo isa baroota dheeraaf nurratti gindillaa'e rakkoo kana nurraa kaasuu jalqabeeraafi ergaa jajjabinaati jechuudha. Walumaa galatti tokkummaa qabaachuufi wanta humna ofii olii ammoo uumaatti kennachuun gaarii akka ta'etti jajjabeeffama.

### 4.4.3 Ergaawwan Xixiqqoo Asoosamichaa

- **Ergaa Jaalala Dhugaa Hiriyootaa Agarsiisan**

Ilmoon namaa jiruufi jireenya isaa geggeeffachuuf aarsaa kaffalaa mudannoo hedduu keessa darbaa jiraata. Wantoonni adeemsa jireenyaa keessatti nama quunnamanis, hedduu yoo ta’an isaan keessaa muraasni gadda, gammachuu, jibba, jaalala fa’aadha. Asoosama kana keessattis hiriyoonni lamaan jaalala dhugaa waljaallatan kan mul’atan yoo ta’an innis akka itti aanutti gabaabinaan dhiyaateera.

> *Hawwiin akkaataa jireenya Haqasaa yeroo kaastee dubbattu akka nama maraatee boo’ichaan mankaraarti; ni’iyyiti. Nijeeqamtiifi. Haqasaa baayyee jaallachuu isheerraan kanka’e waan isaaf hawwitu mara itti himuu barbaaddi.*
>
> *(fuula, 117, keeyy, 4)*

Yaada olitti waraabame kana irraa wanti nuti hubannu Hawwiin jaalala guddaafi isa dhugaan Haqasaa waan jaallattuuf yeroo jireenya isaa yaadattu booossee mankaraarti. Jireenyi jaalallee Hawwii Haqasaa kan isa rakkisuufi isa jeequ rakkoo saba isaafi quuqama saba isaatiif qabu yoo ta’u, Hawwiin immoo rakkina isaa kana kan ofii ishee godhattee rakkatti. Jaalalli dhugaan akkuma jiru jaalalli sabaas niijira. Yeroo baayyee namoonni jaalala sobaaf imimmaan sobaa busanii nama goyyomsan hedduudha. jaalallii akkasii jaalala faayidaa irrati hirkateedha. Jaalalli sobaa hundee hin qabu. Jaalalli Hawwiifi Haqasaan wal jaallatan garuu, jaalala dhugaadha. Hiriyoonni dhugaan wal jaallatan immoo nimilkaa'u.

**Ergaa Namaaf Gadduu**

Dhalli namaa jiruufi jireenya isaa keessatti wanta gaarii yoo arge waliif gammadaa akkuma jiraatu, wanta nama hin gammachiisne immoo yoo argee waliif gaddaa jiraachuun waanuma hawaasa biratti barameedha. Asoosama kana keessattis, ergaa namaaf gadduu kan dabarsu akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

> *... Utuma hirkatee kana mara yaaduu jarri dabarsitoonni dhukkubichaa lamaan hidhamaa tokko "eeyyama eenyuutiin kutaa baate! kun bosonaa miti! Bilisummaa Bilisummaa jedhaa bakka muka keessa deemtanii ana saamtanii miti kan jirtu! jaaLlattee jibbitee akkanatti dhiitamaa jiraatta! Dhiitamuu miti! Lubbuu kee yoo baafne kan nu gaafatu akka hin jirre wallaaluun kee wallaalummaa kee hima! Jaalattee jibbitee nu jala jirta!..." jedhanii karra kutaa sanaatti dhiitichoo fi uleen walitti itti taran. Sanaan hin dhaabanne. Isa tumaa kaanitti dhaadatan. Asii achi bitamtan! Haga barbaanne isin binna! Jaalattanii jibbitanis akkanatti dhiinnee binna! Fayya buleeyyii isin itti dhaadattan illee homaa isiniif hin godhan! Akkanumatti otuu gubattanii dhumtu malee homaa hin fiddan!..." jedhaa, nama sana tumuun lubbuu itti guraaranii, kutaa sanatti olseenatti ol darbanii, balbala duubaan cufanii lixan.*
>
> *Biqilaa jechi isaanii kun garaa dhukkubse.Jarri hiddituun akka sonsaa, kopha galeettiin akka qeerransaa,Leenca ilkaan hin qabne ta'ee hafuun ammo isa gube. Silaa leenci dullooome boombii funaanaafi qerraansa roobni dhaane wallaalaan iyyaa seeti. ''Oromoo eenyumatu leenca ilkaan hin qabne godhee hambise?''*
>
> *(fuula,91 keeyy,2)*

Yaada armaan olii kanarraa kan hubannu Biqilaan nama namaaf gadduufi rakkachuufi miidhamuu saba isaatii kan hin jaallanneedha. Jara aangoon har'a waan harka jiruuf akkuma barbaadan nama godhan kana ilaalee dhiphata; saba isaa miidhamaa jiruuf ammoo gadda. Rakkoo walii ilaalanii rakkinicha keessatti immoo waliif gaddanii waljajjabeessuun aadaafi barsiifata gaariidha. Gabaabumatti wanti kanarraa hubannu waliif gadduun akka nama kamirrayyuu jiraatuufi namni namaaf gaddu nama beekaafi hubataa ta'uu isaadha.

# BOQONNAA SHAN

## Cuunfaa, Argannoo fi Yaboo

Yaboon/qorannoo kanaa argannoo irratti hundaa'uudhaan akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

### 5.1 Cuunfaa

Qorannoon kun mataduree qaaccessa waldhabbiifi ergaa asoosama dheeraa "Gindillaa"jedhu irratti kan adeemsifame yoo ta'u, innis boqonnaalee shanitti qoqqoodamuun kan dhiyaateedha. Isaanis gaggabaabsinee boqonnaafi matadureewwan jalatti ka'an yoo ilaalle, boqonnaa tokko keessatti kan ka'an ariirrata qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoowwan qorannichaa, faayidaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaa, akkasumas qabxiilee xixiqqoon achi keessatti yaada haayyotaan deeggaramuun dhiyaatanii jiru. Boqonnaa lama keessatti immoo, yaadota haayyota garaa garaa bu'uureeffachuun sakatta'a barruu yaadrimee jalatti matadureewwan kanneen akka maalummaa ogbarruu, gosoota ogbarruu, faayidaalee ogbarruu, ogbarruu barreeffamaa, maalummaa asoosamaa, gosoota asoosamaa, faayidaa asoosamaa, maalummaa waldhabbii, miseensota asoosamaa, gosoota waldhabbiifi sadarkaalee waldhabbii, qorattoonni ragaatiin deeggaruun ka'aniidha. Boqonnaa sadii jalatti kan dhiyaate immoo, malawwan qorannichaa, madda ragaalee, meeshasalee funaansa ragaalee, mala iddatteessuu, mala xiinxala ragaaleetu dhihaatee jira. Boqonnaa afur jalatti kan dhiyaates, qaaccessa waldhabbiifi ergaa asoosama dheeraa "Gindillaa", gosoota waldhabbii asoosamichaa, waldhabbiiwwan gurguddoo asoosamichaa, waldhabbiiwwan xixiqqoo asoosama gindillaa, ergaawwan asoosamicha keessa jiran, ergaa guddaa asoosamichaa, ergaawwan xixiqqoo asoosamichaati. Boqonnaan shan immoo kutaa isa xumuraa yoo ta'u, Boqonnaa kana jalatti kan dhiyaatan cuunfaa qorannichaa, argannoo qorannichaa, yaboo yookiin yaada furmaataatu walduraa duubaan qindaa'ee dhiyaatee jira.

### 5.2 Argannoo Qorannichaa

Argannoowwan qorannoo kanaa akkaataa armaan gadiitti dhiyaatanii jiru

- Barreessaan asoosama kanaa waldhabbiitti fayyadamee ergaa maalii dabarsuu akka barbaade hubatamee jira.

- Asoosamni kun waldhabbii namaafi namaa, yookiin waldhabbii namaafi uumaafi waldhabbii mataa ofii waliiniifi waldhabbii keessaa ammoo waldhabbii xiinsammuutti akka caalus bira ga'ameera.
- Asoosama kana keessatti waldhabbiiwwan hedduun walduraa duubaan qinda'anii jiran jaargochi isaa gara fuulduraatti akka tatarkaanfatu gochuun isaa bira ga'ameera.
- Gosoonni waldhabbiiwwan asoosamicha keessatti argaman bira ga'amaanii jiru.
- Ergaawwan asoosamicha keessaan darban ergaa guddaafi ergaa xixiqqoon addaan baafamaniiru.

### 5.3 Yaboo/ Yaada Furmaataa

Argannoo irratti hundaa'uun yaboon qorannoo akka armaan gadiitti dhiyaateera.

- Kalaqxoonni asoosamaa waldhabbii asoosamaa kalaquu akka qaban hubachuun barbaachisaa ta'uu isaa osoo beekanii
- Barreessitoonni asoosamaa yeroo barreessan gosoota waldhabbiilee hundaa osoo keessatti kalaqanii gaariidha.
- Asoosonni yeroo asoosama keessatti waldhabbii ijaaran faayidaa seeraan ijaaramuu waldhabbiin qabu beekuun waldhabbii kalaqamu tokko sababafii bu'aan deeggaramee osoo kalaqamee gaariidha.
- Barreessitoonni sadarkaalee waldhabbii sirrittii erga hubatanii hooda sdarkaalee kana hubannaa keessa osoo galchanii gaariidha.
- Barreessitoonni maalummaa ergaa addaa baasanii beekanii asoosama ergaa dabarsuu danda'u osoo barreessanii gaariidha.
- Ergaawwaan xixiqqooffii gurguddoo isaanii adda baasanii ossoo hubatanii gaaridhaa

# Wabiilee


Addunyaa Gabbisaa .(2009). "xiinxala waldhabbiifi ergaa asoosama imaanaa imaltuu" waraqaa qorannoo digirii baachilar aartii gamisaan guuttachuuf dhiyaate. Yuuniversitii addis Ababaa. (kan hinmaxxanfamne)

Aannanee Maarqoos .(2011). ‘‘Qaaccessa waldhabbiifi ergaa asoosama arraa gurbaa’’ waraqaa qorannoo digirii baachilar aartii gamisaan guuttachuuf dhiyaate. Yuuniversitii finfinnee.(kan hin maxxanfamne)

Asafaa Tafarraa .(2009). *Eelaa: Seenaa Ogummaa Oromoo*. Finfinnee:for-east trading plc


Berhanu Mathews .(2013). *Fundamentals of literature* (3rd edition). printed by: alpha printers P/c Fedhesaa Taaddasaa .(2013). *Subii*. Finfinnee, Oromiyaa: sub-printed pres

______________ (2017). *Bu'uuraalee ogbarruu oromoo*. Finfinnee: elsaabaa publishing.

Garee qormaata Afaan Oromoo .(2005). *Wiirtuu jildii 10. "Barruulee qormaata waaltinaa Afaan Oromoo.* Finfinnee: print branna P.Efinfinnee


Geetaachoo Rabbirraa .(2008). *Furtuu: "seerluga Afaan Oromomoo". Finfinnee:kuraz international*

**Dabelee A**




BEEKAN GULUMMAA IRRANAA 2015

**Dabelee B**


Gangalatee nurraa bu'aa jennaan kakatee nurratti hafuu barbaade gindillaa hiyyumaafi garbummaa. Jireenyatu gindillaadha; dhiibaniis dhiitaniis namarraa hinbu'u. Ammoo jecha Waaqaa waan hintaaneefis namarratti hinhafu; gagglagaluuf jira!. Barruu kana keessatti –gindillaa- ulfa haqaa-basaastota-warra dhiiga lammii xuuxu..kanneen jedhamantu walduraa duubaan qindaa'an. Dhaloonnis ba'aa garbummaa baachuu nuffeera; ba'aan kun qaroowwan Oromoo baay'ee cabseera. Qabxiiwwan kitaabciha keessaa hiikkoo kallatti maraa qabu.

Barreessicha!

Beekan Gulummaa Irranaa waggoota muraasa keessatti kitaabota 27 ol barreesseera. Kitaabota sagaltamaa ol ta'an ammoo gulaaleera. Kana keessattis afaan, aadaa, seenaafi Oromummaa guddisuu keessatti gumaacha guddaa taasisee jira. Dargaggoon kun umsaafi gargaarsa tokko malee ifaaje dhuunfaasaatiin gumaacha hanga kana ga'u raawwachuunsaa hagam cimaafi uummata Oromoof qabeenyaa akka ta'e muldhisa. Qaroon keenya kun hayyuu Oromoo ta'uurra darbee ammuunsaayyuu wiirtuu qorannoo Oromoo (Oromo University Centre) ta'ee jira. Dalagaaleensaa kun gaafa aiyyummaa Oromootti madda raga ammataa ta'ee tajaajiluunsaa mirkana. Kanaafuu Qaroo keenya kana Oromoon akka dhalasaa dhugaatti qabatee guddifachuuf eeggachuutu irraa eegama.

Geetaachoo Jigii Dammaksaa (PhD)
Barreessaa Kitaaba 'Bu'aa Ba'ii Qabsoo Oromoo'

Gindillaan jabaa fakkaatee dhaloota lanqe kun gaaf tokko irra lafaarraa godaanuunsaa dirqama. Bilchinni gama ogbarruutiin argamuufi oonnanni gama qeerroowwan keenyaan taasifamaa jiru kun dhaamsa gootota keenya qaqalii kaleessaatiin kan argamedha. Beekan kan ofiisaan barreessurra caalaa kan inni ogummaa barateen kumaatamoota kaayyoo guddaa sanaaf of duukaa hiriirsaa jirutu ajab! nama jechisiisa!

Caalaa Haahiluu Abaataa-Biyya Siwudin Irraa
Barreessa Kitaaba Hadhooftuufi Burqaa Jaalalaa

Qar. 40.00
$ 20

ELLENI P.P.PLC

**Dabelee C**

| **Qaaccessa Qorannichaa Ragaan** | **Fuula** | **Keeyyata** |
|---|---|---|
| Gosoota Waldhabbii Asoosamichaa | 31-32 | 4 |
| Waldhabbii Gurguddoo Asoosamichaa | 12 | 3 |
| Waldhabbii Qooddataan Mataa isaa<br>Waliin Godhu | 12<br>13 | 4<br>1 |
| Waldhabbii Namaafi Hawaasa Gidduu | 91-92 | 3 |
| Waldhabbii Namaafi Nama Gidduu | 124-126<br>11 | 3<br>3 |
| Waldhabbii Namaafi Uumaa Gidduu | 27<br>17 | 1<br>3 |
| Waldhabbii Namaafi Teeknoolojii | 78<br>140 | 3,4<br>1 |
| Ergaa Haqa Dhabuu Saba Tokkoo | 5 | 1 |
| Ergaa Mirgi Sabaa Sarbamuu | 6 | 2 |
| Ergaa Dhugaan Namaa sarbamuu | 139-140 | 2 |
| Ergaa Tokkuummaafi Ijaa Ba’umsaa | 140 | **1** |
| Ergaa Jaalala Dhugaa Hiriyootaa Agarsiisan | 117 | 4 |
| Ergaa Namaaf Gadduu | 91 | 2 |

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo akka armaan gadiitti dhiyaate waraqaan qorannoo kun hojiikoo ta'uu isaa, akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf fayyadame haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessa galchuu koo nan mirkaneessa.

Maqaa barataa ________________________

Mlllattoo_____________________________

Guyyaa______________________________

Ani gorsaan barataa/ttuu kana ija seera waraqaa qorannoo "BA" tiin madaalee akka barataa/ttuun kun galii godhu/gootu mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa gorsaa________________________

Mallattoo____________________________

Guyyaa______________________________